Dhiheessa Bishaani, Qulqullina Dhunfaa fi Naannoo Saffisaan Hawaasaan Hoganamu (COWASH)

Qajeelfama Ijaarsa Interpiraayizoota Maaykiroo fi Xixiqqaa
COWASH Marsaa III

(Adolessa 2008 hanga Hagayya 2011)

Muddee 2010

Finfinnee

Qajeelfama Raawwii Misooma Interpiraayizoota Maaykiroo fi Xixiqqaa (IMX) Dubartootaan Hogganaman COWASH Marsaa III

BAAFATA

BAAFATA 1

TARREEFFAMA GABATEEWWANII 3

TARREEFFAMA MILTOOWWANII 3

IBSA QAJEELFAMICHAA 4

GABAAJEE 5

HIIKAA JECHOOTAA 6

1 SEENSA 8

1.1 KA'UUMSA 8

1.2 KAAYYOO, BU'AA, MILKAA'IINA FI HOJIILEE COWASH III IMX HUNDEESSUU 9

2 XINXAALA HAALA CARRAA HOJII DALDALAA DAMEE WASH 11

2.1 GABAA SAANIITESHINII 11

2.2 DHIYESSA MEESHAA JIjJIrRAA, HOJII opireeshinii FI SUPHAA buufata BISHAANI 12

2.3 DHAABIILEE IMX MISOOMSUUF ANGOO QABAN 13

3 MANIIWWAN FI AKKAATAA RAAWWII 14

3.1 MANIIWWAN IMX COWASH KANNEN DUBARTOTAAN HOGGANAMAN 14

3.2 AKKAATAA RAAWWII IMX COWASH DUBARTOTAAN HOGGANAMAN 17

4 GULANTAALEE IJAARSA IMX COWASH 18

4.1 SADARKAA DIZAAYINII HUNDEESSUU IMX COWASH 18

4.1.1 DHIMMAMTOOTA ADDA BAASUU 18

4.1.2 HUBANNOO DHIMMAMTOOTACOWASH CIMSUU 22

4.1.3 HOJII BEEKSIISU FI ADDA BAASUU IMXN DUBARTOOTAN HOGGANAMAN 25

4.1.4 ULAAGAA FILANNOO INTARPRIINAROOTAA HUNDEEFAMA INTARPRIZOOTA DUBARTOOTAAN HOGGANAMANII 26

4.2 GULANTAA HOJJIIRRA OOLMAA 26

4.2.1 IMX GURMEESSUU/CIMSUU 26

4.2.2 HANQINA DANDEETTI INTARPRINEROOTAA XINXALUU 27

4.2.3 IJAARSAA DANDEETTI INTARPRINEROOTA 27

4.2.4 OMIISHA 31

4.2.5 TARSIMOO GABAA 33

4.2.6 HEEYYAMA HOJII IMX 34
4.3 GULANTAA HORDOFFII, OODIITII FI GABAASAA 35
5 DOKUMENTESHINII 36
6 YAA'INSA FAAYINAANSII 37

TARREEFFAMA GABATEEWWANII

Gabatee 1:Aanaalee IMX COWASH dubbartotaan hogganaman itti hundeefamani

Gabatee2: Gosootadaldalaa IMX dubbartotaan hogganaman kannen COWASHn deeggaramuu danda'an
Gabatee 3: Gahee fi itti gaafatamummaa qooda fudhattoota sadarkaa Aanaa

Gabatee 4: Cuunfaa dhimmamtoota Naannoo workishoppii leenjiin lenjiistootaa COWASH irratti hirmaatan

Gabatee 5: Mata dureewwan leenjii fi kutaa qajeelffama kana kessatti iddoowwan itti ibsaman

Gabatee 6: Propozaalii goosota interprizoota COWASH naannoo keessatti gurmaa'uuf dhiyaate

Gabatee 7: Baay'ina sheediiwwan anooleeyaaliif filatame keessaatti ijaaraman

TARREEFFAMA MILTOOWWANII

Miltoo 4 UnkaaHundeeffamni IMX Sadarkaa Aanaatti ittiinKaroorfamu

Miltoo 5 Gucca Qoranoo Hanqina Dandeetii Intarpireenaraa

Miltoo 6 Ibsa 'Business MoodeelaBiiznasii fi Gucca

Miltoo 7 Xinxala Rakkoo Qunnamu Danda'uu fi Karoora ittin To'atamu

Miltoo 9 Diizaayinii Sheedii, Tarreeffama Hojii fi Gatii Ijaarsaa

Miltoo 10 Gucca Waligaltee Barrefamaa

Miltoo 12 Tarreefama meeshaale hojii fi meeshaale dheedhi gabaa Saniteeshinii fi Suphaa Buufata Bishaaniitiif Barbaachisan

Miltoo 13 Hidhata Dhiyyessa Saaniiteshinii

Miltoo 14 Moodeela Biiznasii COWASH IMX Dubbartootan Hogganaman Ijaaruuf Fayyadu

Miltoo 15 Ijaarsa IMX COWASH'tiif Faayinaansii dhiyeessuu

IBSA QAJEELFAMICHAA

Qajeelfamni kun kan qophaa'e deeggarsa teeknikaa, ijaarsa dandeettii fi faayinaansii COWASHn aanaalee filataman keessatti godhamaniif haala mijeessuun Interpiraayizoonni Maaykiroo fi Xixiqqaa haaraa hundeffamanii dubartootaan hogganamanii biznesoota WASH (gabaa saaniteeshiinii, suphaa hojiiwwan dhiyyeessi bishaanii fi bizneesota dhiyeessi meeshaalee jijjiirraa) irratti xiyyeeffatanii hojjettan cimsuufi.

GABAAJEE

BG	Benishangul Gumuz
CLTSH	Community-led Total Sanitation and Hygiene
COWASH	Community-led Accelerated Water, Sanitation and Hygiene
EFY	Ethiopian Fiscal Year
ETB	Ethiopian Birr
FTAT	Federal Technical Assistance Team
GoE	Government of Ethiopia
GoF	Government of Finland
GTP	Growth and Transformation Plan
HDW	Hand dug Well
HEW	Health Extension Worker
MoU	Memorandum of Understanding
MSEs	Micro and Small Enterprises
MSED	Micro and Small Enterprises Development
RSU	Regional Support Unit
RWSEP	Rural Water Supply and Environmental Program
SM	Sanitation Marketing
SNNPR	Southern Nations Nationalities and People Region
TVED	Technical, Vocational and Enterprise Development
TVET	Technical and Vocational Education and Training
UFS&JC	Urban Food Security and Job Creation
USD	United States Dollar
WASH	Water, Sanitation and Hygiene
WUA	Water Users Association

HIIKAA JECHOOTAA

Interpiriinershippii:–qorannoo hojii daldalaa haaraa uumuuf (kalaquuf) gaggeeffamu akkasumas hojii daldalaa haaraa uumame jalqabuuf sochii taasifamuu jechuudha. Jecha kana hojiiwwan lamaaniifuu fayyadamuunni danda'aama. Interpiriinerii jechuun nama hojii yaada daldalaa haaraa qabuu fi hojii omishaa fi tajaajila dhiyeessuu hojjachuun ummanni akka bituu danda'u hojjetu, gurgurtaalee kanneen deggaruuf daldalaa kan ijaaru jechuudha.

Moodeelabiiznasii:– sababin milkaa'inni sochii biiznasiin tokkoo akkamitti dudhaa diinagdee, hawaasummaa ykn dudhaa gosoota biro itti uumu, gaggeessuu fi ofiti harkisee qabachuuf godhamu

Feedhii:– Feedhii fi dandeetii omishaalee fi tajaajilota saaniteshinii fi isaan walqabatan bituu jechuudha.

Opareeshiinii fi Suphaa

Opireeshiinii:– tajaajiloota dhiyeessii bishaanii guyyaa guyyaan gaggeessuu fi kununsuun sadarkaa tajaajiloota keennaman daran ol'aanaa taasisuun gumaacha haala cabiinsa meeshaalee fi fedhiiwwan suphaa akka xiqqaatu gumaacha gochuu

Suphaa: – Buufataaleen bishaani tajaajila gahaa fi waliirraa hin cinne akka keennan hojiiwwan barbaachisoo raawwatamaniidha. Suphaaleen kunneenis suphaa ittisaa, suphaa sirreessaa fi suphaa yeroo rakkinaa/hammaataa jechuun qoduun ni danda'aama.

Suphaa ittisaa: – sakata'insa teeknikaa fi haaromsuu idilee gochuun qabeenyoota eeguun cabiinsa meeshaalee xiqqeessuu

Suphaa sirreessaa: – Suphaa xiqqaa gochuu fi meeshaalee cabanii fi tajaajila fixan jijjiiruun akka tajaajjiloonni amansiisaan itti fufsiisuu

Suphaa yeroo rakkinaa - Komii fayyadamtoota irra dhiyaatun tajaajila addaan cite deebisuuf suphaa deebiiwwan karooraan ala gaggeeffamu

Itti fufsiisuu (Dhiyeessa bishaan dhuugaatii fi saaniiteeshinii): hojimaata buufataaleen tajaajila bishaanii sirnaan ittii eegamanii fi dhiyeessin bishaan dhugaatii gahaa itti mirkanaa'u fi faayidaaleen dhiyeessii kanaa waggoottan fuladuraaf akkuma jiruutti itti fufu gochuu

Tajaajilummaa:- sirna bishaan fayyadamtootaaf itti dhiyaatuu dha. Kanaafuu, tajaajilli bishaanii gutummatti gaggeeffamaa jira kan jedhamu bishaan gahaa fi qulqullu buufata/tuqaa bishaaniirraa waraabamuu danda'aamuu gutummaatti tajaajila jedhama.

Saaniteeshinii:–Damee saayiinsii fayyaa hawaasaa ta'ee dhimmoota kosiiwwan qaamaa namaa keessaa karaa umamaatiin ba'aan (udaanii fi fincaani) ittin maqsaman, qulqullina dhuunfaa ittin eegamuu fi itti fayyadama bishaan qulqulluu ittiin gaggeefamudha.

Gabaa saaniteeshiinii: itti qufiinsa fedhiiwwan saaniteeshiinii foyya'aa tahe (lamaanuu fedhii fi dhiyeessii) guutuuf adeemsa gabaa haawaasaa fi daldalaatiin hojjeetamuu tahee, faallaa hojii tola-oltuumman hojeetamuutti.

Walitti hidhaminsa (Funca) dhiyeessa Saaniteeshiinii: walitti hidhaminsa (neetwarkii) kaampaanoota gara garaa omishaalee saaniiteeshiinii walqabatan ittin omishanii, gurguran, hojiiwwan walqabatan raawwatan fi/ykn rabsan giddutti uumame

Haarka dhiqachuu:–Gochaa haayijiinii (qulqullinaa) yeroo murteessaa hunda gaggeeffamu (nyaata qopheessun dura, nyaachuun dura, daa'ima nyaata kennuun dura, mana qulqullinaatti fayyadamuun booda, erga da'ima qulqulleessaniin booda fi erga hojiilee qulqullinaa raawwataniin booda) fayyummaa dhuunfaa fi maatii eeguuf hojii raawwatamuudha.

Haayijiinii – Goocha qulqullinaa fayyummaa gaarii fi qulqullina mirkanneessuun walqabatee yeroo murteesoo tahanitti harka saamunaan dhiqachuu, hojiiwwan nyaataa fi bishaan haala qulqullinaan rawwachuu dabalata

Nama midhamota qaamaa wajjin jiraatu: - Namoota yeroo dheeraaf miidhama qaamaa, sammuu, beekumsaa ykn qaammonni miiraa isaa hin tajaajille tahanii walitti dhufeenya gama ilaalchaa, naannoo ykn dhabbilee wajjin qaban hirmaannaa guutuu fi bu'a qabeessa isaan hawaasa keessatti namoota biro wajjin walqixummaan akka hin goone ittisuu dabalata. Midhaa ittisu jechuun midhama, dhukkuba ykn rakkina qaamaa guyyaa dhalootaa eegalee jirun haala tajaajilummaan qaamaa ykn sammuu hambisu ykn garaa garummaa uumu jechuudha. Midhaan ittisu yeroo namoonni haawaasa keessatti dhimmoota hawaasuummaa, siyaasaa, dinagdee, naannoo ykn aadaa kan ka'e hirmaannaa guutuu irraa kan dhorkaman yoo tahee midhama qaamaa tahe jedhama.

Gahoomsuu- cimiina keessoo (hafuufaa), siyaassaa, hawaasaa fi dingdee namoota dhuunfaa fi hawaasootaa guddisuun wajjin walqabata. Kunis yeroo hedduu dandeettii qaban hubatanii gahoomina ofitti ammanamummaa cimsuu dha.

DubartotaGahoomsu-akkaataa dubartooni faayidaa mataa issanii fi hawaasaatiif ofiin murteessuu danda'an haala mijaa'aa uumuu ilaala. Ciminni gahee dubartoonni diingdee, hawaassummaa, siyaaassa fi seera keessatti qaban akka guddatuu fi foyya'aa deemu taasisuun dubartoonii ofiitti amanuumaa qabaatanii mirga walqixummaa mirkaneefatanii ilaala. Kanneen keessaa:-

- Filannoowwanii fi murtoowwan ofiisaanii akka goodhan
- Sochiilee hawaasummaa, amantaa fi hojiiwwan haawaasa keessatti hirmaachuuf mirga qixee akka qabaatan
- Hawaasa keessatti sadarkaa (eja) qixee taheen akka ilaallaman
- Seera duratti mirgoota haqa qabeessa hawaas – diinagdee qixee akka qabaatan
- Fedhiiwwan faayinaansii fi diinagdee isaani akka murteesaan
- Mirga qixee carraa barnnootaa argachuu
- Logii koorniyaa tokko malee mirga carraa hojii argachuu akka qaban

Gahoomina Diinagdee Dubartootaa- Dubartooni qabeenyota, qabiyyeewwan, galiiwwan fi yeroo isaanitti mirga fayyadamu, too'achuu akka qabaatan gochuu akkasumas balaa ofiirra ittisuu sadarkaa diinagdee fi nagummaa jireenya isaani foyyeeffachuuf akka humna hoorattan taasiisudha.

1 SEENSA

Kallatiin misooma Interpiraayizii Maayikroo fi Xixiqqaa (IMX) magaalootaa gurguddo fi xixiqqoo Itoophiyaa keessatti babal'isuun carraa hojii umuun ajeendaa misoomaa Itoophiyaan haala addaatiin dursa itti kennite keessaa issa ijoodha. Mootummaan Itoophiyaa misoomni IMX ummata biyyati hiyyumma keessaa baraaru fi walumagalatti toora misooma biyyaaleessaa safisiisu waan ta'eef beekamtti kennaeefi jira. Kanaafuu, misoomnii IMX sektaroota induustirii fi omishaa biyyatti keesatti iddo guddaatu kennamaaf.

Mootummaan Itoophiyaa Karoora Guddinaa fi Tiraansformeeshinii (KGT) tokkoffaa waggaa shanii (bara 2003 hanga 2007) milkaa'inaan erga xumuree booda KGT lamaffaa (bara 2008 hanga 2012) qopheessee ummataan ragaasisuun gara hojiitti seenuun isaa ni beekama. Akkaataa KGT lammaffaatti, mul'ata biyyattin gama misooma hawaas-dinagdeetiin bara 2018'tti sadarkaa biyyonni galii giddu-galeessa qabanitti irra gahuuf tilmaama keessa galchuun kan qoophaa'eedha. Kanumaan walqabatee, gama dhiyessa bishaan dhugaatii fi saaniteeshinitiin xiyyeeffannoo guddan KGT II keessatti bara 2020tti guutuuf kaa'ame kanneen fedhii lammiileen biyyota galii giddu galeessaa qaban wajjin kan walsimee tahuusaa mirkaneessudha.

Kaayyoowwan seektara bishaanii adda bahaan keessaa sadarkaa tajaajilaa daran foyyeessuun waliin gahiinsa dhiyessa bishaan qulquullu guddisuu; dhiyessii bishaan dhugaatii baadiyyaa irratti bulchinsa gaarii mirkaneessuu; tajaajilli bishaanii ga'umsaa qabu, bu'a qabeessa ta'ee fi itti fufiinsa qabachuusaa mirkaneessuu; fi humna raawachiissummaa waliigalaa sektara xiqqaa kanaa ijaaruudha. Maniiwwan dhiyeessii tajaajila bishaan KGT II guguddoo keessaa tajaajila dhiyessa bishaanii foyyeessuun sadarkaa tajaajila xiqqaa nam-tokkee bishaan litiira 25 buufataalee bishaanirraa faggenya km tokko keessatti akka tahuu, dhaqqabumaa dhiyessa bishaanii hawaassa baadiyyaa uwwisa % 85 akka gahuu fi kana keessaa % 20 sirna sarara ujuummoo baadiyyaa akka dhiyaatuu fi hanga adda citiinsa dhiyeesa biishaan baadiyyaa %11 irraa gara % 7 tti gadi xiqqeessudha. Maniiwwan haayijiinii fi saaniteeshiniif kaa'aaman keessaa bara 2020tti hanga baayina gandoota Bakkeetti Udaanuurra Bilisa(ODF) (mana fincaanii alatti ykn bakkeetti qulqulaa'uu (udaanuu) irraa bilisa tahuun labsamee fi mirkanaa'e %18 amma jiru irraa gara % 82 tti guddissuu fi baayina maatiiwwan tajaajilota harka itti dhiqatani fi mana fincaani foyyaa'etti fayyadaman bara 2012 tti % 28 irra gara %82 tti guddisuu jedhu ni argama.

1.1 KA'UUMSA

Galma gahiinsa maniiwwan WASH (Dhiheessa Bishaani, qulqullina dhunfaa fi naannoo) Karoora Guddinaa fi Traansformeeshiniitiif (KGT) lammaffaa keesatti qabameef gumaachuudhaaf, Piroojeektiin Marsaa Sadaffaa COWASH (Dhiheesa Bishaani, qulqullina dhunfaa fi naannoo Saffisaan Hawaasaan Hogganamu) Hagayya 1 bara 2016 hanga Adoleessa 31 2019 waggotan sadiif hojiirra ooluu eegaleera. Tarsimoon hojiirra olmaa COWASH Sagantaa Dhiyessa Bishaan Baadiyyaa fi Naanno (SDBBN) hojimaata Piroojektii Hawaasaan Hogganamu (PHH) irratti hundaa'uun, jalqaba pirojeektiin Sagantaa Dhiyeessa Bishaan Baadiyyaa fi Naannoo (SDBBN) qophaa'ee hojirra kan oole duraan deggarsa mootummaa Fiinlaandii maqaa FinnWASH jadhamun naannoo Amaaraa keessatti jalqabamee fi booda gara naannoo Beneeshaangul Guumuzitti pirojeektii biro deggarsa mootummaa Fiinlaandiitiin babalatee irratti kan hundaa'eedha. COWASH marsaa tokkoffaa yeroo Adoleessa 2011 – Fulbaana 2014, kan hojii irra olee yommuu ta'uu, fi kan marsaa lammaffaa Onkololeessa 2014 hanga Waxabajji 2014 tti hojii irra akka oluu ta'eera. COWASH Marsaa III aanaalee 76 kannen naannoo 5 keessatti (Amaaraa, Beniishaangul Gumuuz, Naannoo sabaa fi sablammoota Ummattoota Kibbaa (NSSUK), fi Naannoo Tigiraayitti) hojii kan eegalu ta'a.

COWASH Marsaa III ol'aantummaan sagantaa misooma dandeetti tahee, misoomni dandeetti immoo milkaa'inoota projeektoota hundaa ijaarsaa fi kenninsi tajaajila qulqullina gaarii qabaachuu, bu'aaleen akkaataa karoorfamaniin argamuu isaanii fi bu'aaleen galmaa'anii fi barnoonni sadarkaalee hundattu kakaasuuf (dadamaqsuuf) faayidaarra oolu.

Misooma interpiraayizoota dubartootaan hogganamaniin walqabate kutaa hojii haaraa Pirojeektii COWASH Marsaa III keessatti dabalame gama tokkoon tajaajila bishaan qulqulluu daran foyya'e fi tajaajiloota saniteeshinii dhiyeessuu gama biraatiin galii guddisuun jijjiiramoota hiika qabuu fi gahoomsu jireenya dubartoota hirmaataniif fida. Dhimmi misooma interpiraayizii sirritti kan agarsiisu hima galma pirojeektii keessatti akkaataa kanaan ibsmeedha: "Bara 2011'tti, Eegumsa Fayyaa Foyyee'e, Dhaqqabummaa Dubartotaa Qixa Tahe Mirkanaa'e fi To'annoo Gaggeessuummaa WASH fi Interpiriineerummaan toorawwan sagantichaa kessatti walqabateedha"

1.2 KAAYYOO, BU'AA, MILKAA'IINA FI HOJIILEE COWASH III IMX HUNDEESSUU

Buu'aalee interpiriinarummaan (caraa hojii ummuu/kalaquu) walqabatee eegaman dabalatee, xiyyeeffannoo milkaa'inoota piroojektii COWASH Marsaa III kan hanga Adoolessa 2012tti naannoolee 5 keessatti argamanitti raawwatu uwwiisa bishaanii fi qulqullina hawaasaa fi dhaabbilee akkaataa safartuulee KGT II kaa'amaniin guddisuu, kenninssa tajaajilaa foyyessuun buufataalee bishaanii fi qulqullinaa ijaaraman itti fufiinsaan akka tajaajila kennan gochuudha.

Kaayyoo:- bu'aa fi milkaa'iinni misooma Interpiriinarshippii irratti xiyyeeffatan akka itti aanuutti dhiyaatanii fi tarreeffamna hojiilee isaanii waggootan sadii itti aananiif karoorfaman akka kanaa gadiiti dhiyatan:

Kaayyoo:- Interpiraayizonni WASH (Bishaan, Qulqullina dhunfaa fi naannoo) keessatti COWASH 'n jalatti gurmaa'an galmoota lama qaban. Isaaniis: (i) hojiiwwan bishaan dhugaatii itti fufiinsa akka qabu gumaacha taasiisuuf hojiilee suphaa fi tajaajolota meeshaalee jijjiirraa dhiyeessuun akkuma hojiin bishaan cabe hatattamaa suphaa ittisaa fi sirreessaa gatii madaalawwan gaaggeessuun biznasiin gabaa saaniteeshinii hawaasonni itti fayyadaman tajaajilota saaniteshinii foyya'aa sadarkaa maatiitti akka argatan taasisuu (ii) dubartoota hoggansa biznasii dursuun sektara BHS hojjechuun fakkeenya tahan kaka'uumsa dubartoota kanneen biro fi dargaggootaa keessatti uumuun gara biznasii BHS akka harkifaman godha.

Milkaa'ina:- Hanga bara 2012tti naannolee 5 keessatti hojiiwwan dhiheessa bishaani, qulqullina dhunfaa fi naannoo irratti dubartoota gahoomsuu, humna raawachissummaa isaani cimsuu fi namoota miidhama qaamaa tahan sagantaa kanaanitti dabaluu.

Bu'aa:- Dhiyeessitoota tajaajilaa dubartootaan hogganaman kanneen hojiilee buufata bishaani suphan, dhiyeessa meeshaalee jijjiirraa, gabaa saaniteeshinii akkasumaas hojiilee ijjaarsaa irratti boba'an naanoolee shaman (5) keessaa aanaalee yaalif filataman kessatti ni hundeeffaman.

Karoora waligalaa:- Waggoottan sadeen pirojektichaa keessatti, IMXn 26 dubartootaan hogganaman gabaa saniteeshinii, dhiyessa meeshaalee jijjiirraa fi tajaajila suphaa bufataalee bishaani irratti hojjetan aanaalee yaalif Naanoolee shanan (5) keessaa filataman kessatti (Naannoo Amaaraa fi Tigraay tokko tokkoon keessaa jaha jaha, Oromiyaa fi Naannoo Sabaaa fi Sablammoota Ummatoota Kibbaa (NSSUK) keessaa shan shan, akkasumas Beeneshaangul - Gumuuz keessatti afur) hundeessuu/cimsuu.

Tarreeffama Hojileen raawataman:-

Hojiilee sadarkaa Fedeeraalaa fi Naannoo (Garee DeeggarsaTeekniikaa (FTA) COWASH Fedeeraala fi Garee Deeggarsa Naannoo(RSU) kan naannoolee shanii qindoominaan hojii irra kan oolchan)

- Hubannoo fi sadarkaa biiznasii gabaa saaniteeshinii (GS) Naannoolee COWASH irratti argamu adda baasanii beekuuf xinxala gaggeessuu
- Aanoolee yaaliif filataman keessatti IMX GS hundeessuuf ulaagaalee filannoo qopheessuu fi Naannolee deggaruu
- Qajeelfama raawwii misooma IMX COWASH Marsaa III qopheessu
- Dhimmamtoota Naanootiif hundeeffamaafi bulchiinsa Misooma IMX Dubartootan Hogganaman irratti leenjii leenjistootaa(LeL) kennuu
- Dhimmamtoota Aanaatiif hundeeffamaafi bulchinsa Misooma IMX Dubartootan Hogganaman irratti leenjii kennuu (Aanaalee yaaliif filatamaniif)
- Biizinasii IMX maallaqaan deeggaru irratti fi carraalee liqii fayyadamtootaa fi filannoowwan GS/GS irratti xinxala gaggeessuu
- Ragaa adeemsota IMX qopheessu (sadarkaawwan IMXn COWASH keessatti ittin hundeefaman) qindeessuun sadarkaa Aanaaleetti akka kallattiin gargaaru qopheessuu
- Qajeelfama raawwii adeemsa IMX (sadarkaawwan IMXn COWASH keessatti ittin hundeefaman) afaan hojii naannoleetti (Amaariiffaa, Afaan Oroomo fi Tigiriiffaa) hiikuu
- Adeemsa IMX GS/GS ragaa qabachuurratti hojjatoota aanaatiif leenjii hojii irraa hubbanno kennuu

Tarreeffama Hojilee Sadarkaa Aanaatti raawataman:-

Sadarkaa aanaatti Waajiraaleen Misooma IMX, BLTO fi Ejeensii Caraa Hojii Umuu fi Wabii Nyaataa magaalotaa[1] Waajjiraalee Bishaanii, Eegumsa Fayyaa, Dhimma Dubartii fi Daa'immani, Dhimma Hojjataa fi Hawaasummaa[2] fi Waldaalee Liqii Fi Qussannaa waliin qindominaan kan hojjetan

- IMX GS dubartootaan hogganaman hundeessuu/cimsuu[3]
- Biizinasii IMXGS hundeessuuf liqii barbaachiisu qaamoolee liqii faayinaansii maayikiroo waliin haala mijeessu
- Karoora biizinasii qopheessu irratti IMX GS dubartootaan hogganaman deeggaruu
- Hojiirra oolmaa karoora biizinasii irratti IMX opireeshiinii fi Suphaa (operation & mentenanace) dubartootaan hogganaman deeggaruu
- Odiitii gochuu irratti IMX opireeshiinii fi Suphaa dubartootaan hogganaman deeggaru
- IMX GS dubartootaan hogganamanii bu'aa qabeessa ta'aan adda baasu (akkaataa gabaasa odiititin)
- Herrega IMX opireeshiinii fi Suphaa dubartootaan hogganaman aanaa keessatti argaman hanga gurgurtaa fi tajajila suphaa isaani kan waggaa tilmaamuu
- Bittaa meeshaalee humna ijaarsaa cimsan IMX GS dubartootaan hogganamanii raawwachuu (gatiin meeshaalee qajeelfama kana tokkoo fi maraa irrat hundaa'uun)
- IMX GS dubartootaan hogganaman hundeessu fi cimsuu
- IMX GSdubartootaan hogganaman Waldaalee Liqii fi Qusannoo(WLQ) irraa liqii biizinasii hundessuuf barbaadan akka argatan WLQ kana deeggarani waliin haala mijeessuu (akkaataa qajeelfama kanaan qophaa'utti)
- Karoora biizinasii qopheessu irratti IMX GS dubartootaan hogganaman deeggaru

- Hojiirra oolmaa karoora biizinasii irratti IMX GS dubartootaan hogganaman deeggaru
- IMX GS dubartootaan hogganaman manneen dhunfaa fi dhaabbilee keessatti meeshaalee ijaarsaa qulqullinaan akka ijaaran deeggaruu (dhagaa konkiritii ijaarsaa (slab), ujuummoowan dhangalaastuu, fi kkf.)
- Namoota dhunfaa fi koreele COWASH IMX GS irraa bittaa raawwatan baay'inaan ragaa galmeessu (ragaa waggaa qindeessu)
- IMX GS dubartootaan hogganaman odiitii irratti deeggaru[4]
- IMX GS dubartootaan hogganaman bu'a qabeessa kan ta'aan adda baasu (gabaasa odiitii irratti hundaa'uun)
- IMX GS dubartootaan hogganaman kanneen aanaa keessatti argaman baay'ina gurgurtaa fi tajaajila suphaa isaani kan waggaa tilmaamu
- IMX GS dubartootaan hogganaman meeshaalee humnaa ijaaraniif bittaa gaggeessu (gatiin meeshaalee qajeelfama kana keessa jira)
- Aanaalee filataman adeemsa IMX GS galmeessuu (qajeelfama kana bu'ureeffachuun)
- Baajata hojii kanaaf barbaachisu eejansii IMX f ramadu
- Akkaataa diizaayinii qophaa'etti mana kusaa IMX GS dubartootaan hogganaman ijaaru
- Akkaataa diizaaynii qophaa'etti sheedii IMX GS dubartootaan hogganaman ijaaru
- IMX GS dubartootaan hogganamaniif meeshaalee humnaa ijaaraniif bittaa gaggeessu (gatiin meeshaalee qajeelfama kana keessa jira)
- Aanaalee filataman IMX GS dubartootaan hogganamanmeeshaalee hojii ittin jalqabanin deeggaru
- Waldaalee fayyadamtoota bishaaniif manneen kusaalee ijaaru fi meeshaalee jijjiiraa bituu (kun naannoo Beneeshaangul Gumuuziif qofa)
- Leenjii miseensoota IMX GS dubartootaan hogganamanif interpiriinarummaa fi dandeettii oggummaa cimsu kennuu

2 XINXAALA HAALA CARRAA HOJII DALDALAA DAMEE WASH

2.1 GABAA SAANIITESHINII

Mootummaan Itoophiyaa karaa Sagantaa Eekisteenshini Fayyaa biyyaalessaatiin fayyadamuun bara1998 irraa eegalee Qulqullina dhunfaa fi naannoo Maraa Hawasaan hogganamu (CLTSH) beeksisuuni fi hojiirraa oolchuun ijaarsaa fi ittifayyadama mana qulqullinaa ilaalchisee hawaasni hubannoo akka argatuu fi jijjiirama amalaa akka fidu hojjachaa jira. Haaluma kanaan, maatiiwwan lakkoofsi isaani guddaa ta'ee manneen qulqulliinaa bu'uuraa ofiisaanii ijaaratani itti fayyadamuu jalqabaniiru. Haata'u malee, manneen qulqulliinaa kanneen ijaaraman istaandaardii ykn sadarkaa faasilitii saaniteeshinii fi haayijiini foyya'aaf jedhamee qabamee gadi waan ta'aniif gabaa saaniteeshinii jalqabsisun barbaachisaa taasisee jira. Kana mijeessufis Waxabajjii bara 2005 irraa kaasee qajeelfamni raawwii gabaa saaniteeshinii biyyaalessaa qophaa'ee akka hojiirra oolu ta'ee jira.

Kaayyoon waligala qajeelfamichaa,hojii irra olmaa, to'anoo fi madaallii gamaagama gabaa saaniteeshinii gaggeessuun dhiyessaa fi fedhii tajaajiltoota haayijiinii fi saaniteeshini foyya'ee walitti fiduun akka walgituu taasisuu fi Itoophiyaa keessatti biznasiin saaniteeshinii dame dhuunfaa akka babal'atu haala mijeessudha.

Qajeelfamichii akka kaayyoolee tarsiimaa'atti utuubaawwan sadii adda baasudhaan sagantaan gabaa saaniteeshini bu'a qabeessa tahan akka hundeeffaman taasisa. Isaanis: - (i) haala mijaa'aa jiru cimsuu (ii) dhaqqababumaa tajaajilota fi omishoota saaniteeshinii foyya'aa uumuu, fi (iii) fedhiin omishaalee fi tajaajilota kanneenii akka uumamu gochuu dha. Haala mijaa'a sagantaa saaniteeshinii gabaa jiru cimsuuf, aanaalee haala mijaa'aa qaban keessatti (gandoota udaan irraa bilisa hintaanee fi tajaajilonni dhaabbiilee maayikiroo faayinaansii kessatti argaman) hojiiwwan saaniteeshinii gabaa sadarkaa xiqqaarraa jalqabuu fi yeroodha gara yerootti akka guddachaa deemanii fi muuxannoon hojiilee isaanii gara aanaalee hollaa fi naannoowwan biraatti babal'itu godhamu qanba. Dabalataaniis, deggartoonii misoomaa Itophiyaa keessatti omishaa fi tajaajilota saaniteshiinii foyya'aa dhiyeessaniif deggarsa tekniikaa fi faayinaansii kennuuf, karaa leenjii fi hojiiwwan ijaarsa dandeettii akkasumas dhaqqabummaa bu'aalee faayinaansii mijeessuurratti qooda fudhachuu ni danda'u.

Kana malees, qajelfamiichi raawwii moodeela biiznasootaa haala bu'aa qabeessa taheen misooma walitti hidhamiinsa dhiyeessa saaniteeshini haaraa gumaachan ykn kanneen duraan jiran foyyessuuf sochii godhaman hunda ni deeggara. Gama biraatiin immoo misooma modeelota biznasii gara garaa kanneen sirrii ta'aan, fedhiirratti kan hundaa'an, itti fufinsa kan qaban, bu'aa kan fidanii fi iddoo biraatti babal'achuu danda'aan ni jajjabeessa. Kanaafuu, akaakuun moodeelonni biznasii IMXn dandeetii naannoosanaa irratti hundaa'anii fi filannoowwan teeknoolojii fayyadaman kan akka ijaarsa konkiritii mana qulqullinaa sadarkaa isaa eege omiishan tahu danda'u.

2.2 DHIYESSA MEESHAA JIJJIRRAA, HOJII OPIREESHINII FI SUPHAA BUUFATA BISHAANI

Miinisteerri Bishaan, Jallisii fi Elektriikii maanuwaalii IMX ijaarsaa fi suphaa dhaabbilee Bishaani, qulqullina dhunfaa fi naannoo tiif gaggesan ittiin hundeeffaman qopheesseera (haa Qophaa'u malee, naannoo Sabaa fi sab lammoota Ummatoota Kibbaan alatti hin raggaasifamne)Maanuwaaliichi IMXn hojii ijaarsaa fi suphaa tajaajilota WASH gaggeessuuf gurmaa'an fi akkamitti hojii kontiraataaf hanga gatii tajaajila diriiraa murteessuu of keessaa qaba. Maanuwaalichii muuxannowwan Pirojeektii Misooma Shuukaraa, Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Itoophiyaa, Ministeera Bishaan, jallisii fi Elektirikii fi pirojeektii misooma mannenii irratti hundaa'udhaan kan qophaa'edha.

Qabxiileen gurgudoon maanuwaalichi haammatees:-

- Gosoota ramaddii Interpiraayizota Maayikroo fi Xixiqqaa (IMXn)
- Hojii suphaa, meeshaalee jijjiirraa fi keemikaala bishaan itti wal'aanamu (ququllaa'u) IMXndhiyeessuu qaban
- Ijaarsa humna namaa hojiiwwan bishaanii IMXn
- Leenjii fi beekkamtii IMX kennuu
- Qajeeltoowwan bu'uuraa tilmaama gatii fi kontiraata hanga diriiraa murtaa'e
- Akkaataa fi yoom gatiiwwan irra deebi'amee akka ilaalamu danda'aan
- Qajeeltowwan shallaggii gatii hojiilee suphaa fi dhiyessa meeshaalee jijjiirraa
- Gaheewwanii fi itti gaafatammummaawwan qaamoolee Dhimmamtoota gara garaa hojii irra olmaa maanuwaalichaa irratti
- Ulaagaalee ramaddi sadarkaa kontiraaktaroota hojiilee bishaanii kan IMXn akkaataa gatii piroojektii irratti hundaa'un baasuu

Hanga har'aatti naannoleen shanan piroojeektichaa dhiyessa meeshaalee jijiraatiif haala adda addaatti fayyadaman haaluma kanaan:- Naannon Beneeshaangul-Gumuuz Waldaa fayyadamtoota Bishaani,Naanno

Oroomiyaa gidudala raabsaa sadarkaa zoonii, Naannon Sabaa fi sablammoota ummatoota kiibbaa (SSUK) dhiyeessa magaalaa fi Naannon Tigiraay immo Interpiraayzii gargaarsa marmaaraa yommu ta'u Naannon Amaaraa dhimma dame dhunfaaf lakkisee garu Biiroon bishaan Jallisii fi eleektiriikaa qajeelfama ittin hojii irra oluu qopheeseefi jira. Interpiraayizileen suphaa fi hojii bishaanii irratti bobba'aan hojiilee baayogaazi fi kan soolaaraas walumaan akka raawwatan maanuwaalichii ni ibsa. Kennitota tajaajila suphaa buufata bishaaniif (WASHCO ykn kennitota tajaajila suphaa kan akka waajiraa bishaanikan aanaa ykn dame dhunfaa) meeshaalee jijjiraa kan bittaa raawwataniis ta'ee kan raabsan, Naannolee Oromiyaa, Sabaa fi sablammoota ummatoota kibbaa (NSSUK) fi Tigraay ammo Biroolee bishaanitu ga'ee ol'aanaa taphata. (kan biiroo bishaan Tigraay intarpiiraayizii fandii marmaaraa ta'ulee), Beniishaanguul Gumuuzitti barmaatin deemaa jiru (guumaacha deggartotnii) irratti WASHCO dhaatu, gumaacha maallaqaa gochuun deegarsa teekniikaa biiroo bishaan naanno irra argatuun adeemsa bittaa meeshaalee jijjiraa irratti ga'ee ol'aanaa taphata.

Gama namoota tajaajila suphaa buufata bishaaniikennan (pump attendants/caretakers) kannen leenjii argatan suphaa of-eegganno kan raawwatan yommuu ta'u, kan humna isaani ol ta'ee suphaa sirreessu ykn suphaa haatatamaa kan rawwatu waajira aanaa kan bishaanitti.Naanno Tigraayitti immo keennitoota tajaajila naanno kan dhaabbata gargaarssaa (SNV) jedhamuun aanaalee afur keessatti gurmaa'an ta'e aanaalee lama kan COWASH' f filamaniidha.

2.3 DHAABIILEE IMX MISOOMSUUF ANGOO QABAN

Itiiyophiaa kessatti Eejansiin caraa hojii ummu fi wabii nyaata magaalotaa ,IMX_e ijaaruu, deeggaru fi human raawachiisummaa isaani ijaaruuf sadarkaa federaalaatti itti gaaffatamumma qaba.Akkaata kannan ittigaafatamummaan kun sadarkaa naannoleettiEejansii caraa hojii ummuu fi wabii nyaata magaalota naannoleef (Naannolee Oromiyaa,NSSUK,fiTigree) yoo ta'u kan (naanno Amaaraa fi Beneeshaangul Gumuuz) ammo kan Biroo misooma Interpiraayizile teeknikaa fi oggummaatti Hayyama hojii IMX_e kan kennu naannolee hundatti biro daldalaa fi Induustriitti.

Yeroo amma dokumentiin tarsimoo fi immaamataa misooma IMX e (kan March 2012, edit April 2016) Ministeeri magaalaa fi misooma manneni IMX e hubbanno kessa galchuudhaan Hiikaa irra deebin qopheessen lakkofsa hojjetoota IMX n qacaruu, waligala qabeenya IMX, akasumas jijiraa sharafa alaa fi qaala'uu gabaa baroota shanan dhufan irratti hundaa'un dame bal'aa lama gurdudoo (Induustrii fi Tajaajila) ramadii itti kan laateera.

Hiika Interpiraayizii Maayikroo fi Xixiqqaa (IMX)

Damee Industiriitif (omiisha, ijaarsaa fi albuuda dabalatee): Interpiraayizii abbaa Interpirayizichaa,fi maatii dabaltee hanga nama shani qacaruu danda'u fi waligalii qabeenyaa Qarshii 100,000 (USD 4,630) hincaalee fi

Damee tajaajilaatif (daldala qinxaabo, geejiba, hooteela, tuurizmii fiteekinoolojii qunamtii fi tajaajila suphaa): Interpiraayizii abbaa Interpirayizichaa,fi maatii dabaltee hanga nama shani qacaruu danda'u fi waligalii qabeenyaa Qarshii 50,000 (USD 2,310) hincaalle

Hiika Interpiraayizii Xixiqqoo

Sektara Industiriif (omiisha, ijaarsaa fi albuuda dabalatee): Interpiraayizii hanga nama 6-30 qacaruu danda'u fi waligalii qabeenyaa Qarshii 100,001 hanga Qarshii 1,500,000 (USD 4,630 hanga USD 69,500) fi

Damee tajaajilaatif (daldala qinxaabo, geejiba, hooteela, tuurizmii fiteekinoolojii qunamtii fi tajaajila suphaa): Interpiraayizii hanga nama 6-30 qacaruu danda'u fi waligalii qabeenyaa Qarshii 500,001 hanga Qarshii 500,000 (USD 2,310 hanga USD 23,150) tti

Yoo hiika qabeenya waligalaa fi lakkofsa namoota qacarmanii giduu waligalu dhabamee waligala qabeenyaa ka jedhuutu ulaagaa t'a.

Caraa kanatti fayyadamudhaan COWASH aanaalee filataman kessatti biizinasii/hojiilee daldalaa WASH n walqabatan akka jalqaban ni taasissa. Interpiraayizileen kannen akka haaratti deggarssa COWASH n kan hundeeffamani fi kaneen duraan hundeeffamani COWASH deebisee jajabeessu. Motummaan Itiyoophiyaas caraaqii akkanaa kan deggarssa taasissuf itti fufiinssa bishaan saaniteeshini fi haayijiini qofa osso hintaane caraa hojii magaalotaa fi gidugala baadiyaale waan ummanii fikaroora mguddina kan biyyattin itti hojjeta jirtuun kan walfudhatee waan ta'eefi.

3 MANIIWWAN FI AKKAATAA RAAWWII

3.1 MANIIWWAN IMX COWASH KANNEN DUBARTOTAAN HOGGANAMAN

Woorkishoopin karooraa IMX COWASH hundeessuf inni dhumaa Magaalaa Finfiineetti gaafa guyyaa / A.L Awuroppaatti Caamsaa 03 fi 04 /2017/ taasiffameeti ture. Woorkishoopii kana Dursoota garee deggarssa naannolee,hojjetoota[3] biiroolee Bishaani, Fayyaa, fi misooma IMX/misooma Interpiraayizii oggummaa fi teeknikaa/eejansi carraa hojii ummuu fi wabii nyaataa magaalotaa naanoo COWASH irraa babahan hirmaataniru.Tattaaffiin karooraa IMX aanaalee yaalii tti hundeessuuf gama COWASHn taasifamee woorkishopi irratti dhiyaateera.

Maree qabxilee ibsa barbaadan irratti taasifameen hoojjatoota naanoolee fi milooto COWASH hunda biratti hubannaa walinii irra gahameera. Adeemsa karooraa kanaaf haala mijeessuf akka tolutti yaadni naannoleef adda ta'ees irratti mari'atame. Erga Motuummaan naannolee (Tigraay, Oromiyaa, NSSUK fi Amaaraa) tooftaa dhiyeessa meshaalee jijiraa kan mataa isaani addatii hojii irra olchani akkamitti COWASH Interpiraayizilee damee bishaani hundeessu irratti deeggaru danda'a qabxii mare kanaatti turee.

Naannoleen Tigraay, Oromiyaa, fi Sabaa fi Sablammoota Ummatoota Kibbaa (NSSUK)bittaa meeshaalee jijjiraatiif gama Biroo bishaani naannolee kan rawwatu yoo ta'u tajaajilii suphaa kan raawwatuu naannolee Tigiraay fi Oromiyaa gama waajiraalee bishaani aanaa fi godonaatinyammuu ta'u tajaajili suphaa naannon Sabaa fi Sablammoota Ummatoota Kibbaa (SSUK) dhiyeessa bishaani magaalaatti. Naannoon Amaaraa garu dhimmicha dame dhunfaaf lakkisee jira.

Interpiraayiziin dhiyeessa meeshaa jijjiraa qofa irratti hojjechuun bu'aa qabeessa akka hin taanee COWASH ni hubata. Garu waajirii bishaan aanaa/goddinaa Interpiraayizilee kanaaf meeshaalee jijiraa (baajeta qaburra ykn maalaqa harkaa qabaniin bituun) hama tokko bifa liqiitiin yoo kan kennuf ta'ee COWASH deggarssa ijaarsa dandeetii (kan akka ijaarsa mana kusaa fi leenjii) ni godhaaf haala kanaan Interpiraayizileen bu'aa gurgurtaa hanbifatani maalqa jala-jalaa waajiraa bishaanif galchu ni danda'u. Interpiraayizin kanen deggarsa akkanaa argatan hojii suphaa bufataa bishaani fi /ykn hojii gabaa saaniteeshini irratti boba'un bu'a qabeessa ta'u danda'u. Naanno Beneeshaangulitti garu motumman naannicha toftaa meeshaale jijiraa ittin dhiyessan baafatun dhiyesi karaa waldaalee fayyadamtoota bishaani (WFB) ta'ee koreen WASHCO gumaacha maalaqaa fi

bitaa meeshaale jijiraa gochuun gahee adda durummaa ni qaba. COWASH mana kusaa meeshaalee jijiraa ijaaruu fi maalaqa koreen WASHCO bitaa meeshaale jijiraatiif gumaacuun wal-gitu basuun nannicha ni deggara. Toftaan (WFB) kan nama lama yoo xinaatee qacaruu (hojjetaa gurgurtaa fi hereegaa) barbaadu garu yaada misooma Interpiraayiziitiin wal-hinsimmu.

COWASH Interpiraayizileen hojii dame WASH (dhiyessa meeshaale jijiraa, bufataa bishaani suphuu, bufata bishaanii ijaaru fi gabaa saaniteeshini) irratti akka Interpiraayizii tokkotti yoo hundaa'an biiznasiichaa kessa turuu fi balaa kisaaraa xiqqessu waan danda'aniif hala kana ni jajabeessa. WASH akka paakeejii biznasiitti fudhachuuf kuttanno qod-fudhatoota WASH naanno fiqaama misooma Interpiraayizii ittigaafatamaa ta'ee dhimma hayyamaan walqabatee jiruu biro daldalaa fi industirii waliin mari'achuun haala mijjessu qaba.

COWASH ulaagaa aanaa itiin filatamu qopheessun garee deggarssa nannolee shanan COWASH waliin irratti wal galu. Ulaagaa fillanaa kana irratti hundaa'un aanaaleen yaalii naannolee shanan kannatti marsaa lamaan ni filatamu. Aanaalee COWASH 79 kessaa aanaaleen 19 (25%) ta'an gooddinota 12 kessatti kaka'umsa kanaan fayyadamoo ta'u. Akaataa barbaachisaa ta'un lakkoffssa Interpiraayizilee nannolee kessatti hundeeffaman osoo hin caalee aanaaleen itti dabalamu ni danda'an.

Akka gabatee kanaa gaditti dhiyaateetti aanaaleen yaalii lama naanno Amaaraa irraa, aanaaleen yaalii tokko tokko imoo naannolee afrann hafani irra (malatto *) marsaa duraa kan filataman yamu ta'u filmaatnii aanaalee hafani immo yeroo workishopiin inni dhumaa kan karoora IMX COWASH - dubartotaan hogganama hundeessu Finfinneetti geggeefamu ji'a Caamsaa kessatti raawata.

Lakk.	Naanno	Aanaa	Goddina	Baay. Interpiraayizii Hundeefamani
1.	**Amaara**	GuagusaShikudad*	Awii	6
		Ankesha	Awii	
		BasonaWerana*	Shawaa Kaaba	
		Antsokia Gemza	Shawaa Kaaba	
2.	**Beneeshaangul Gumuuz**	Baambaasii *	Assoosaa	4
		Oda	Assoosaa	
3.	**Oromiyaa**	Qarsaa*	Jimmaa	5
		Gumaay	Jimmaa	
		NonnoBenjaa	Jimmaa	
		Abichu fi Nya'aa	Shawaa Kaabaa	
		Jiddaa	Shawaa Kaabaa	
4.	**NSSUK**	Arba Minch Zuria*	Gomu Goofa	5

		Duna	Hadiyya	
		Arbegona	Sidaama	
		Esara	Dawaroo	
		Tocha	Dawaroo	
5.	**Tigree**	Medebay Zana*	Kaaba Dhihaa	
		TahtayMaichew	Giddugala	6
		Endamehoni	Zonii KIbaa	

Gabatee 1: Aanaalee IMX COWASH - dubartotaan hogganaman itti Hundeefamani

Aanaalee marsaa duraa filatamani (Kan gabatee gubbaatti mallatto * qaban) irratti miltoo aanaalee fi goodinaa waliin COWASH marii gaggeeseera. Mariin gaggefamees qabxiilee gosa Biiznasii WASH intarporaayizoota haaraa banamaniin akkasumas pirojektii COWASHiin jajjabefaman gaggefamukan of keessatti hamate dha.Aanaalee marsaa lamaffaa filataman ilaalchisee mariin miltoo naannolee kannen woorkishoopi xummuraa Finfinnetti hirmaatan waliin taasifameera.

Akka waliigalaatti, Deeggarsa COWASHn gosa biiznasiin /hojiin daldalaa IMX -Dubartotaan hogganamu irratti hirmaatan gabatee kanaa gaditti dhiyaatera

Gabatee 2: Deggarssa COWASH n gosa biiznasiin/hojiin daldalaa IMX -Dubartotaan hogganamu irratti hirmaatan

Naannoolee	Gabaa saaniteshiinii hundeessuu/ cimsuu (qofaa isaa)	Tajaajila suphaa buufata bishaani cimsuu (qofaa isaa)	Gabaa saaniteshini fi Tajaajila suphaa buufata bishaani Irratti kan boba'an hundeessu fi jajabeesuu (Lamaan isaa bakka tokkootti)	Gabaa saaniteshini, Tajaajila suphaa buufata bishaani fi dhiyessa meeshaalee jijjiraa irratti Aanaan meeshaalee jijiraa Interpiraayizilee kaneniif dhiyessu Yoo kan danda'u, hundeessu fi jajabeesuu	Gabaa saaniteshini, ijaarsaa fi Tajaajila suphaa buufata bishaani irratti kan boba'an hundeessu fi jajabeesuu (lamaan isaa bakka tokootti)	Dhiyessa meeshaalee jijiraa karaa waldaalee fayyadamtota bishaani (WUAs) hundeessu
Amaaraa	X		x	x		
Benishaangul Gumuuz					x	x
Oromiyaa	X		x			
NSSUK	X		x			
Tigree	X	X				

3.2 AKKAATAA RAAWWII IMX COWASH DUBARTOTAAN HOGGANAMAN

IMX WASH naannoolee hundeessuu ilaalchisee, argannoowwan xinxala muuxannoowwan gara garaa jiran COWASH n gaggeefame irratti hundaa'uun yeroon hojiirra oolmaa isaa keessatti hojimaatonni IMX COWASH qophaa'e akka itti aanaan ilaalamu qaban.

- Dubartootan hogganamuu – jechuun miseensonni hundii dirqama dubartoota tahuu qaba jechu oso hin taane intarpiraayizii kessatti dubbartotni iddo hogganssaa ni qabatu jechudha Haa ta'uu malee intarpraayizii tokko keessatti yoo xiqqaatee dubartoonni lama gara angoo murtoo kennaniitti ramadamu qabu. Angoowwan gaggeessuummaa lameenis dura taa'aa (maanejara waliigalaa) fi Qarshii qabaa (Faayinaansii) qirqama dubartootan qabamu qaba. Iddoon barreessaa haala qabatamaa jiru ilaaluun bakki isaa dubartiin qabamu ni danda'aa.

- IMX haaraa hundeefaman kessatti baay'inni dubartotaa yoo xinaatee (% 40) ta'u qaba.

- IMX haaraa hundeefaman miidhamtoota qaamaa dabaluu (hamachuu) irratti xiyyeffannoo gochuu qaban. Midhama qaamaa irratti logiin kamiyyuu godhamu hin qabu.

- Qaamoolee ykn dhaabbiilee dhimmi ilaallatu Aanaalee yaaliif filataman kessatti (Waajjiraalee Bishaanii, Eegumsa Fayyaa, Dhimma Dubartii fi Daa'imani, Misooma IMX, BLTO fi Ejeensii Caraa Hojii Ummuu fi Wabii Nyaataa magaalotaa, Bulchiinsa Aanaa, Daldalaafi Industirii) wajjiin dhiyeenyaan hojjechuu

- Interpiraayizoota WASH irratti xiyyeeffatanii hojjetan cimsuu – dhimmi dubartootaan hogganamuu fi midhamtoota qaamnaa dabaluu hubannoo keessa galchuun

- Interpiraayiziin haaraa hundeeffamuuf, murtoo addaa Aanichaatii yoo dabalame tahee malee, baay'iinni miseensoota intarpraayiziin tokko 5 hanga 7 yoo tahe mijahaa dha.

- Fedhii tajaajilota fi omiishaalee Interpiraayizii WASH uumuuf hojiin beeksisaa (promoshinii) baayyee cimaa tahee hojjetamuu qaba

- Interpiraayizoonni gabaa saaniteshinii uwwisa naannoo xiyyeeffannoo bufataalee fayyaa dabaluu qaba

- Hojiiwwan ijaarsa dandeettii fi walitti hidhamiinsa gabaa cimsuu irratti xiyyeeffachuu; jechuun waliiti hidhamniisa dhiyeesa meeshaalee jijjiirraa fi dhiyeessitoota tajaajila suphaa tahan COWASH n waliin gochuu; waliiti hidhamniisa hojjettoota ekstenshinii fayyaa dabalatee istaafii (hojjettoota) bufataalee fayyaa fi mana maree gandaa Interpiraayizota gabaa saaniteshiinii qaban waliin gochuu; bakka bu'oota kaampanoota daldalaa biyya alaa fiduu (Intarpiranarootan kallatiin kan qunamaman)

- Interpiraayizoonni dandeetti qaban, cee'uumsa tekinoolojii, falasama kaayizenii fi interpiriinerummaa akka cimsan gargaaruu

- Leenjiin booda , interpiraayiziin tokko tokkoon karoora biznasii ofii isaa qopheessuu fi omiishaalee fi bizneshoota isaa babal'isuu qaba

- Waltajjiin marii qoodafudhattoota gara garaa gabaa saaniteeshinii Naannooyoo qabaatan muuxannoowwan fi beekumsa qaban waliif qoduu fi biznasii gabaa saaniteeshinii aanaalee biraa keessatti akka guddachaa deemu waliiti dhiyeenyaan hojjechuu
- Interpiraayizoonni gabaa saaniteshinii uwwisa naannoo bufataaleen fayyaa irratti hojjetan fi suphaa hojiiwwan bishaanii/interpiraayizoonni dhiyeessa meeshaalee jijjiirraa magaala guddoo aanaa jiran xiyyeeffannoo ykn yaada keessa galchuu
- Qulqullina dhiyeessii omishaalee fi tajaajilota WASH mirkaneessuuf leenjiiwwan dandeetti cimsan kennuu, supparvizyinii dhiyeenyatti gaggeessuu fi meeshaalee dheedii bituuf walitti hidhamiinsa interpiriineerotaa fi dhiyeessitoota beekamtii qaban (yoo danda'ame) gochuu

4 GULANTAALEE IJAARSA IMX COWASH

Barruun qajeelfamaa (guideline) kun sadarkaalee Marsaa Piroojeektii Naannoo COWASH akka waliigalaa fi Aanaalee yaaliidhaaf (pilot) filataman addatti hordofamu qabu irratti kan gurmaa'edha.

4.1 SADARKAA DIZAAYINII HUNDEESSUU IMX COWASH

4.1.1 DHIMMAMTOOTA ADDA BAASUU

Gareen Deeggarsa COWASH Naannoo Biiroo Naannoo IMX (Intarprizii Misooma Maayikiroo fi Xixiqqaa) / fi Ejeensii Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa/Biiroo Barnoota Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa waliin tahuun Dhimmamtoota adeemsa IMX WASH sadarkaa naannoo akkasumas Aanaalee yaalii filataman fi Godinaalee isaanii keessatti gurmeessuu irratti hirmaatan adda baasuuf qorannoo gaggeessuu qaba.

Yeroo ammaa, gabaa saaniteeshinii Itoophiyaa keessatti babal'isuuf Sanadni Waliigaltee (MoU) dhaabbilee mootummaa federaalaa afur waliin mallataa'ee jira. Waliigaltee mallatteesitoonni (1) Ministeera Eegumsa Fayyaa (2) Biiroo Barnoota Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa (3) Waldaalee Liqii fi Qusannaa (4) Ejeensii IMX/ Ejeensii Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaatti. Gahee fi itti gaafatamuummaan dhaabbilee mallateesanii tokko tokkoon isaanii adda bahee Sanadni Waliigaltee keessatti ibsaameera. Biiroolee naannoolee COWASH keessatti argaman dhimma Sanada Waliigaltee mallatteessu irratti bifa walfakkaatuun akka ta'u yaaliin taasifameen, Biiroon Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii Naannoo Amaaraatti dabalataan Sanada Waliigaltichaa akka naannootti mallatteesseera.

Gahee fi itti gaafatamuummaan Sanada Waliigaltee naannolee keessatti taasifame keessatti ibsame foyya'insa xixiqoo naannoo wajjin deemuurraa gadhameera kan hafe kanneen armaan oliitti mallattaa'an wajjin kan walfakkatudha. Kooppiiwwan Sanadoota Waliigaltee Naannoo Amaaraa waliin mallatta'aan (kan Afaan Amaaraatiin qophaa'e) fi kan Naannoo Oromiyaa waliin taasifame Miiltoo (duukaa buutuu) barreeffama kanaatiin akka fakkeenyaatti walqabateera.

MIILTOO 1:- Sanada Waliigaltee Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Amaaraa gabaa saniteeshiniitii akka babal'atu haala mijeessuuf Biiroo Eegumsa Fayyaa, Biiroo Barnoota Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa, Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii fi Dhaabbata Liqiif Qusannoo Amaaraa wajjin mallattaa'ee jira.

Bulchiinsi Mootummaa Naannoo Oromiyaa gabaan saniteeshiniitii akka babal'atu deeggaruun akkasumas hojii bizinasii guddisuuf Biiroo Eegumsa Fayyaa, Ejeensii Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa, Biiroo Barnoota Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa fi Waldaa Aksiiyona Liqiif Qusannoo Oromiyaa wajjiin Sanadni Waliigaltee mallattaa'ee jira.

Gabaan saniteeshiniitii akka babal'atu COWASHhaala mijaa'aa naannoolee shanan keessatti Sanada Waliigaltee (MoU) qaamoolee mootummaa dhimmi ilaaluu wajjin mallatteesaniin umameen fayyadamee jira. Qaamoolee mootummaa gabaa saniteeshinii babal'isuuf mallatteessan dabalatee, hojiilee sektara bishaanii dubartootan hogganamu fi gabaa saniteeshinii qaamoolee mootummaa gargarsa COWASH hojjetan waliin qindeessanni gaggeessuuf hirmaannan Biiroo Biishaanii, Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii fi Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawwaasummaa faayida olaanaa qaba.

Waajjiraalee Godinaa kan akka Biishaanii , Eegumsa Fayyaa, IMX, Barnoota Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa, Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa and Waldaa Liqii fi qusannaa godinaalee hojii COWASH keessatti hirmaatan Aanaalee isaanii yaalii duraatiif(pilot) filatamaniif deggarsa ogummaa ni kennu. Kunis IMX hundeessuu keessatti, ijaarsa dandeettii kalaqa biznasi (interpiriineerii) (entrepreneurs), iddo omishaa fi daldalaa mijeessu/diyyeessuu, intarprizoota (enterprises) Waldaalee Liqii fi qusannoo waliin walqunnamsiisuu fi fedhii irratti hundaa'uun meeshaalee fi galtee ka'uumsa hojiitiif tahu sektaroota mootumma tokko tokkoon dhimmi ilaalu akkaataa maandeetii isaaniitiin dhiyeessuu qabu. Gabateen armaan gadii dhimma kana facaatiin agarsiisa.

Gabatee 3: Gahee fi itti-gaafatamummaa qooda fudhattoota sadarkaa Aanaa

Maqaa Waajjiiraa	Gahee Waajjiirichi IMX WASH hundeessuuf qabu
Waajjiira Eegumsa Fayyaa Aanaa	• Ogeessota Sektara Fayyaa (hojjettoota waajjira Fayyaa, hojjettoota Ekstenshinii Fayyaa, hojjettoota buufata fi keellaa Fayyaa) fooyya'insa omishoota saaniteeshinii fi haayijiinii baadiyaa, magaalaa fi naannoo magaalaa (peri-urban) keessatti fedhii uumamu ykn jiru ni hogganu ni qindeessuu • Ogeessota Sektara Fayyaa (hojjettoota waajjira Fayyaa, hojjettoota Ekstenshinii Fayyaa, hojjettoota buufata fi keellaa Fayyaa) dhiyeessin bishaan qulqulluu itti fufinsaan kennamu fi akka addaan hin cinne hojii dadamaqsuu fi hubannoo cimsuu hojjatu • Hojii kalaqa biznasi (interpiriineerii) gabaa saniteshinii omishuuf qorachuun karoorsuu, modeela/fakkenya ta'uu fi istaandarii (sadarkaa) omishaa gatii murteessuu dabalatee (kan akka konkritii slabs, jeriikaanii bakka bishaan buusuu qabu- dhiqannaa harkaa fi qaamaaf tajaajiu) deggarsa kennuu • Wajjiiraalee BLTO/ IMX wajjinta'uudhaan, hojii kalaqa biznasi (interpiriineerii) gabaa saniteshinii Intarpiraayizotaafdeggarsa karoora biznasii qopheessuu fi hordoffi hojirra oolmaa isaanii irratti ni kennuu • Intarprinaroota (namoota kalaqa biznasi hojjetaaniif) waliitti hidhaminsa gabaa akka argatan gargaaruu • Qulqullina omishaa fi kenninsa tajaajila intarprinaroota gabaa saniiteshiinii irratti supparvizyinii yeroo yeroon gaggeessuu (yoo danda'ame qaamooleen Dhimmamtoota WASH tahan wajjin hojii supparvizyinii kana gaggeessuu)

Maqaa Waajjiiraa	Gahee Waajjiirichi IMX WASH hundeessuuf qabu
	• Sakata'insa ittiqufinsa maamilaa omishaa fi kenninsa tajaajila intarprinaroota gabaa saniiteshiiniin kennamu irratti kurmaanan(jiha sadiin) gaggeessuu • Gabaasa kurmaanaa(ji'a sadii) adeemsa raawwii hojii gabaa saniiteshiiniin gareewwan biznasii qaama COWASH tahan intarprinaroota kennamu irratti kurmaanan(ji'a sadiin) qindeessuu Dokumentii barnoota irraa baratamu ykn muxannoowwangaggaarii fi calaqeessa akkaataa gorsa Yaadachiisa [6] irra taa'een (reflection as per guidance note[6])bakka hundatti tamsaasuu fi sochii jiru guddisuuf hojii advokesii hojjechuu
Waajjiira Biishaan, Albuudaa fi Inarjii Aanaa	• Kenninsa tajaajiloota suphina dhiyeessi Bishaanii irratti intarprinarootaaf leenjii kennamuuf Dhaabbiilee BLTO akka barbaachisumaa isaatti deeggaruu fi akka dandeettii isaanii ijaaran dhiheenyaatti hordofuu • Dhaabbiilee BLTO fi waajjiira IMX wajjin ta;uun intarprinaroota hojii tajaajila suphuu Bishaaniirratti hojjetaniif biznas pilaanii qopheessuu fi hojiirra oolmaa isaa hordofuun deggarsa ni godha • WASHCO fi Bulchiinsa Gandaa Intarprinaroota waliin akka qunnaman fi tajaajila isaani akka argatan haala mijeessa • Hojiin suphina dhiyeessi Bishaaniirratti humna ykn dandeetti intarprinaroota ol yoo tahee qofaa Waajjiirri Biishaan, albuudaa fi inarjii Aanaa akka keessatti hirmaatu heyyama • Intarprinaroonni waliitti hidhaminsa gabaa akka argatan ni gargaara • Ittiqufinsa fayyadamtoonni tajaajila garee biznasii irraa argatan mirkaneessuuf toftaa duubdeebii WASHCO irra argamu ni qopheessa • Gabaasa adeemsa raawwii hojii gareewwan biznasii suphina biishaanii ni qindeessa, akka qaama gabaasa kurmaanaa(jiha sadii) COWASH tahu ni godha • Dokumentii barnoota irraa baratamu ykn muxannoowwan gaggaarii fi calaqeessa akkaataa gorsa Yaadachiisa [7] irra taa'een (reflection as per guidance note [7])) bakka hundatti tamsaasuu fi sochii jiru guddisuuf hojii advokesii hojjechuu
Haala qabatamaa Naannichaarratti hundaa'uun, Waajjiiraalee IMX Ykn Misooma Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa, Ykn Carraa Hojii Uumuu	• Mannii adda baasuu fi IMX gabaa saniteshiinii fi/ykn suphina dhiyeessi Bishaanii irratti hojjetu hundeessuu • Sakkata'insa qaawwa(hanqina) dandeetti gaggeessuun intarprinaroota leenjii akka argatan ramadu • Intarprinaroonni ogummaa dandeetti isaanii akka fooyyeessanii fi beekumsa intarprinararshippii akka cimsatan dhaabbata leenjii barbaachisu kennu wajjin walqunnamsiisuu • Sheedii/istoorii keessatti omishaamuu fi giddugala itti gurguran ijaaruun intarprinarootaaf dhiyeessuu • Hojii karoorsuu(designing), modeela/fakkenya tahuu fi istaandarii (sadarkaa) omishootaa murteessuu keessatti deggarsa barbaachisu intarprinarootaaf kennuu (Waajjiiraalee Biishaanii fi Eegumsa Fayyaa akka barbaachisumma isaaniitti hirmaachiisuudhaan)

Maqaa Waajjiiraa	Gahee Waajjiirichi IMX WASH hundeessuuf qabu
fi Wabii Nyaataa Magaalotaa	• Intarprinaroota ogummaa biznas pilaanii qopheessuu barsiisuu, qophii biznas pilaanii irratti gargaaruu (akka barbaachisummaa isaatti Waajjiiraalee Biishaanii fi Eegumsa Fayyaa wajjin tahun) fi hojiirra oolmaa isaa hordofuu • Intarprinaroonni waliitti hidhaminsa gabaa akka argatan gargaaruu • Gabaasa kurmaanaa(jiha sadii) adeemsa hundeeffamaa/ciminoota gareewwan biznasii irratti qindeessuun akka qaama gabaasa COWASH tahu gochuu • Dokumentii barnoota irraa baratamu ykn muxannoowwan gaggaarii fi duubdeebii(reflections) akka(as per guidance note4) bakka hundatti tamsaasuu fi sochii jiru guddisuuf hojii advokesii hojjechuu
Dhaabbiilee BLTO	• Leenjiiwwan ogummaa isaanii foyyeessan, tekinolojii ceehumsaa, intarprinarshiippii, fi kaayizanii Kennuu • Intarprinarootaaf hojii karoorsuu(designing), modeela/fakkenya tahuu fi istaandarii (sadarkaa) omishootaa murteessuu keessatti deggaruu (akka barbaachisummaa isaatti Waajjiiraalee Biishaanii fi Eegumsa Fayyaa waliin marii taasisuudhaan) • Leenjiifamtoota meeshaa ijaarsaa qulqullina qabu omiishuuf dandeettii qabaniif beekkamtii kennuu (kan akka dhagaa ijaarsaa(slab) • Ragaa leenjiifamtootaa lakkooffsan, korniiyaan, gosa leenjii fi yeroo dheerina leenjiichaa qindeessuun waajjiira IMX aannaatiif gabaasuu • Istaandaardii hojii fi paakeejii madaallii leenjii fula duraa yeroo gabaabaa omisha dhagaa ijaarsaa qopheessuu fi paakeejii leenjii yeroodhaaf meeshaalee argameetti fayyadamu[3]
Waajjiira Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii Aanaa	• Caasaalee bu'uuraa (gad jallaa) adda addaa jiraniitti fayyadamuun(kan akka Raayyaa misoomaa Fayyaa, Garee liqiif qusannoo gandaa kkf) hawaasa fedhii tajaajiloota Intarprinaroota WASH qabu qaqqabuu • Waajjiiraalee IMX aannaa fi BLTO waliin tahuun daataa/ragaa hojii dubartoota hojii dhabeeyyii qindeessuu akkasumas sadarkaa hooggansaa maniiwwan dubartootaa gareewwan haaraa ijaaraman keessatti qabaman adda baasuun qabuu • Intarprinaroota dubartoota sadarkaa hoggaruurra jiraniif leenjii gaggeesummaa bizinasii kennuu • Dubartoota biznasiin fakkenya/moodela tahan adda baasuu, badhaasa kennuu fi carraa muxxannoo isaanii kanneen birootiif ittiin qoodan mijeessuu • Intarprinaroonni waliitti hidhaminsa gabaa akka argatan gargaaruu
Waajjiira Dhimma Hojjetaa fi Hawwaasummaa Aanaa	• Waajjiiraalee IMX aannaa fi BLTO waliin tahuun gareewwan haaraa ijaaraman keessatti lammiilee midhamtoota qaamaa tahan adda baasuu fi hammatamuu isaanii mirkaneessuu • Iddoo hojii gareewwan haaraa ijaaramanii daawwachuun fi yoo barbaachiise sirreeffama gochuun iddoo fi haallii hojii lammiilee midhamtoota qaamaatiif mijaahaa tahuu isaa mirkaneessuu • Intarprinaroonni waliitti hidhaminsa gabaa akka argatan gargaaruu
Dhaabbiilee maayikroo	• Intarprinaroonni waliitti hidhaminsa gabaa akka argatan gargaaruu • Intarprinaroonni tajaajila liqii argachuuf haaladureewwan guutamuu qaban irratti

Maqaa Waajjiiraa	Gahee Waajjiirichi IMX WASH hundeessuuf qabu
faayinaansii	odeeffannoo guutuu keennuu • Qabeenya faayinaansii sochoosuu fi dhiyeessuu • Bu'a qabeessuummaa fi hojjeechiissuu biznas pilaanii Intarprinarootaa xixnxaluu • Hojiilee gamaaggamaa, baruumsaa fi yaada duubdeebii keessatti hirmaachuu

Itti gaafatamuummaan omishoota fedhiin saniiteshiinii fi haayijiinii foyyeessuuf uumamun keessatti hojiiwwan gabaa saniiteshiinii fi guddina biznasii hojjechuu hojnii sektara fayyaa qofa godhame fudhatamu hin qabu. Qoda fudhattoota WASH hundaan jechuun Bulchiinsa aanaa, sektara barnootaa)barsiisoota, koree maatii, fi barattoota) akkasumas Waajjira Dhimma Dargaggoo fi Ispoortii Bulchiinsa Maagalaa dabaleetee hojjettamuu qaba. Taateewwan adda addaa aanaa keessattii yeroo qophaa'an (baazaariiwwan, egzibishinoota, Taateewwan waggaa hawaasaa kan akka torbee haarka dhiqannaa biyyooleessaaa, guyyaa qulqullina addunyaa, Guyyaa Qulqullina Addunyaa, Guyyaa Bishaanii Addunyaa, Guyyaa Dubartoota Addunyaa fi kkf) irratti hojiin piromoshinii hojjetamuu qaba.

4.1.2 HUBANNOO DHIMMAMTOOTACOWASH CIMSUU

A. **Leenjii Lenjiistootaa Dhimmamtoota Naannoo**- Akka qaama hojii kutaa ijaarsa dandeetii, workishoppii leenjiin lenjiistootaa guyyota sadii sadarkaa feederaalatti COWASH n ni kennama. Kaayyoon leenjichaa Qajeelfama Raawwii COWASH IMX Dubartootan Hogganaman hundeessuu ilaalchisee ogeessota sektaroota dhimmi ilaalatu naannoolee shananiif hubannoo uumuuf kennama. Kana malees, leenjichii yaada galteewwan naanoo irraa argamu qajeelfamicha keessatti dabaluuf fi hojiilee gara fuula duraa raawwataman irratti waliigalteerra gahuufcarraa kenna. Dabalataanis hirmaatonni aanooleen yaaliif godinaalee fi naannoo isaaniirraa filatamaniif leenjichaa gadii buusuun akka keennan ni eegama. Deeggarsi teeknikaa fi hordoffii leenjii Garee deggarsa Teeknikaa federaalaa (FTA)n gaggeeffama.

Gabatee 4: Cuunfaa dhimmamtoota Naannoo workishoppii leenjii lenjiistootaa COWASH irratti hirmaatan

Dhimmamtoota naannoo	ogummaa	Muuxannoo kallattii
Biiroo Eegumsa Fayyaa,	Ogeessa gabaa saaniteeshiinii	Muuxannoo interpiraayizoota gabaa saaniteeshinii gurmeessuu fi hordofuu qabu
Biiroo Bishaan, Albuudaa fi Inarjii (Garee Deeggarsa Naannoo COWASH dabalatee)	- ogeessa dhimmi hojii opireeshiinii fi suphaa - miseensota garee garee Deeggarsa Naannoo COWASH [14]	Muuxannoo interpiraayizoota opireeshiinii hojiiwwan bishaanii fi shupaa irratti hojjetan gurmeessuu fi hordofuu qabu
Ejeensii Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa, Biiroo Barnoota Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa (BLTO)/IMX	- Ogeessota teknikaa -fookaal personii COWASH	Muuxannoo interpiraayizoota WASH gabaa saaniteeshinii gurmeessuu fi hordofuu qabu
Dhaabbata leenjii teeknikaa fi Vokeshinaalii	-Leenjisaa gabaa saaniteeshinii / suphaa hojiiwwan bishaanii	Ogeesa BLTO leenjii sektara WASH kennuu danda'u
Biiroo Dhimma Dubartootaa fi	-ogeessa misooma dinagdee	Muuxannoo hojiilee galii maddisuusurratti fi

Dhimmamtoota naannoo	ogummaa	Muuxannoo kallattii
Daa'immanii	dubartootaa	hordoffii irratti garee dubartootaa gurmeessuu qabu

B) Leenjii Dhimmamtoota Aanaalee Yaaliidhaaf Filatamanii Fi Godinaalee Isaanii

Qooda fudhattonni naannoo leenjii fudhatanqooda fudhattoota adda bahaaniitiif

(4.1.1) Aanaalee yaaliidhaaf filatamanii fi godinaalee isaaniitiif leenjii kan kennan yommuu ta'uu turtiin guyyaa lenjichaa guyyaa sadii ta'aa. Tooftaan leenjiichii itti kennamuus (methodology) ibsa dhiheessi pirojektaraan (Power pint presentation),hojii tuutaa (garee) fi marii waliigalaa kan qabu ta'aa. Mata dureewwan leenjii irratti hammatamu qaban gabatee armaan gadiitti dhiyaateen ta'aa.

Gabatee 5: Mata dureewwan leenjii fi kutaa qajeelfama kana keessatti iddoowwan itti ibsaman

Lakk.	Ibsa	Agarsiistuu kutaa barruu gorsaa miltoo wajiin
I	Hiikaalee yaada Rimee	Hiikaa jechootaa
II	**Ibsa waliigalaa**	
	• Ibsa KGT II Itoophiyaa seektaraa WASH irratti xiyyeeffate	Kutaa 1
	• Ibsa COWASH marsaa IIIIII (ogeesota deeggarsa Naannoottiin kan dhiyaatu. Dabalataaniis odeeffannoon naannoo irratti xiyyeeffatan ni dhiyaata)	Kutaa 1.1 Miltoo 2
	• Kaayyoo, bu'aa,Omisha (Output) fi gochawwan (activity)hundeeffamaa IMX COWASH III	Kutaa 1.2
III	**Carraawwan Biznasii sektara WASH**	
	• Tarsimoo Haayijinii naannoo (environmental) fi Eegumsa Fayyaa Biyyaalessaa(Ogeesota Eegumsa Fayyaa Naannoo ykn Godinaatiin kan dhiyaatu)	Miltoo 2
	• Ibsa gabaa saniteshinii biyyaalessaa (Ogeessota Eegumsa Fayyaa Naannoo ykn Godinaatiin kan dhiyaatu)	Kutaa 2.1 Miltoo 2
	• Dhiyeessii meeshaalee jijjiirraa, hojii tajaajila Opireshinii fi suphaa	Miltoo 2 Kutaa 2.2
	• Misooma Intarpiraayizii tiif dhaabbilee gahee qaban	Kutaa 2.3
IV	**Maniiwwanii fi tooftaalee**	
	• Maniiwwanii IMX COWASH dubartootan hogganamuun bizanasiiwwan gabaa saniteshiinii fi suphaa dhiyeessi Bishaanii irratti hojjetu walitti qindessuun hundeessuu gurmeessuu/cimsuu	Kutaa 3.1
	• Tooftaa IMX COWASH dubartootan hogganamuu gurmeessuu/cimsuu	Kutaa 3.2
V	**Sadarkaalee Marsaa pirojeektii IMX COWASH Dubartootan Hogganamuu - Gulantaa Dizaayiinii (Design Stage)**	

	• Qoodha fudhattoota Deggartoota dabalate adda baasuu - Gahee fi Itti gaafatamummaa isaani waliin Gahee fi itti gaaffatamummaa Dhimmamtoota a fi deggartootaa adda baasuu	Kutaa 4.1.1
	• Hubannoo Dhimmamtoota guddiisuu	• Kutaa 4.1.1 • Miltoo 2 • Miltoo 3 fi 4
	• IMX dubartootan hogganaman adda baasuu fi hojii beeksiisuu(promotion) hojjechuu	Kutaa 4.1.3
	• Ulaagaawwan filannoo intarprineerootaa	Kutaa 4.1.4
VI	**Sadarkaalee Marsaa pirojeektii IMX COWASH Dubartootan Hogganamuu - Gulantaa hojiirra**	
	• IMX dubartootan hogganamuu gurmeessuu/cimsuu	Kutaa 4.2.1
	• Xinxala hanqina humna intarpineerootaa gaggeessuu	Kutaa 4.2.2 Miiltoo 5
	• humna intarpineerootaa ijaaru	Kutaa 4.2.3 Miiltoo 6-12
	• Hojiiwwan/gocha omiishaa fi deggarsaa	Kutaa 4.2.4 Miiltoo 13
	• Tarsimoo gabaa	Kutaa 4.2.5 Miiltoo 14
	• Heyyama hojii IMX dubartootan hogganaman	Kutaa 4.2.6
VII	**Sadarkaalee Marsaa pirojeektii IMX COWASH Dubartootan Hogganamuu – hordooffii fi supparvizyinii**	
	• Hordooffii, oodiitii fi sadarkaa gabaasaa	Kutaa 4.3
	• Ragaalee gurmeessuu	Kutaa 5
VII	**Yaaiinsa faayinaansii (mootummaa Itophiiyaa fi Fiinilaandii)**	
	• Yaaiinsa faayinaansii	Kutaa 6 Miiltoo 15

Miltoo 2:- dokumentiiwwan

1. COWASH Marsaa (Phase) III ibsu
2. Qajeelfama Gabaa saaniteeshinii biyyaaleesaa
3. Tarsiimoo fayyaa fi Eegumsa qulqullina fi (4) Maanuwaalii Hojiirra Olmaa WASH IMX dhaan kan dhumaa

Leenjiin Pirojektii COWASHn yeroo kennamu, ragaan namoota qaama midhamtoota ta'aanii leenjiicha irratti hirmaatan waliitti qabamu qaba. Kaayyoon isaas baay'ina namootaa qaama midhamtoota tahan adda baasuufi. Ragaan kunis qaama gabaasaa tahee garee deggarsa Naannootiif kennamu qaba, cheekliistiin hojii kanaaf COWASH 'n qophaa'e qajeelfama kanaan (Afaan Ingiliffaa, Amaariffaa fi Oromiffaan) walqabatee jira.

Milttoo 3:- cheeklistii midhamtoota qaamaa hirmaattoota leenjii

Leenjiin qoodha fudhattoota godinaalee fi aanaalee osoo hin xumuramiin dura, Qoodha fudhatoonni anaa anaadhaan wal qooduun karoora gocha haala hundeefama ykn cimiinsa leenjiin Dhimmamtootaa godinaa fi aanaa osoo hin xumuramiin dura qooda fudhattooni aanaa aanaadhaan wal qooduun karoora gocha facaatiin waliin

qopheesu. Kunis IMX'n dubartootaan hogganaman hundeessuu fi cimsuun raawwii qabatamaa keessatti haala mijeessa.unkaan karooraa kanaaf qophaa'e qajeelfama kanaan walqabatee jira.

Miltoo 4:- unkaa karoora IMX COWASH Aanaa itti gururmaa'u

4.1.3 HOJII BEEKSIISU FI ADDA BAASUU IMXN DUBARTOOTAN HOGGANAMAN

Dargaggoonnii (Umurii Waggaa 18 fi ol), dubartootaa fi qaama miidhamtoonni IMX'n gurmaa'ukan danda'aan adda bahuu qabu. Hoggansi dubartootaa intarpiraayizootaa fi qaama midhamtoota hammachuun jajjabeefamu fi dhimmihojjatamu qabuu dha.

Interpiraayizootaa haaraa hundeeffamaniif, murtoo aanaa haqoomfamu malee baay'ini miseensoota intarpriziin tokko 5 hanga 7 yoo tahe mijahaa akka tahee COWASH nifilata. Garuu aanaan miseensoota lakkoofsi caaluu intarprizii tokko keessatti yoo barbaade yoo xiqqaatee dubartoonni lama gara angoo murtoo kennaniitti ramadamuu qabu. Gitni hojii kunis (i) dura tahaa (maanejara waliigalaa) fi (ii) kaasharii (Faayinaansii) dha, Intarprizoota haaraa gurmaa'an keessaa yoo xiqqaate % 40 dubartoota tahuu qabu.

Ulaagaalee miseensummaa intaprizii ta'uudhaaf barbaachisan haala gosa Intarpiraayizitiin kan armaan gaditti caqasamani:

Gosa Biziinasii Gabaa Saaniteeshiniitiif

- Hojjettoota ijaarsaa (Artisans) miseensota 5 hanga 7kan qabuyoo xinnaate leenjii guyyoota 45 (osoo walirraa hin citin) dhaabbata dhimmi ilaalaturraa kan mirkanaa'e.

Gosa Gabaa Saaniteeshinii + biznasii suphaabuufatabishaanii

- Hojjettoota ijaarsaa (Artisans) miseensota 4 hanga 6 kan qabu yoo xinnaate leenjii guyyoota 45 (osoo walirraa hin citin) dhaabbata dhimmi ilaalaturraa kan mirkanaa'e.Ogeessa Electro Mekaanikii (Nama tokko 10+1 fi isaa ol kan xumure)

Gosa Biqinasii Ijaarsa, Gabaa saaniteshiinii fi suphaa buufata bishaanii

- Hojjettoota ijaarsaa (Artisans) miseensota 4 hanga 6 kan qabu yoo xinnaate leenjii guyyoota 45 (osoo walirraa hin citin) dhaabbata dhimmi ilaalaturraa kan mirkanaa'e.
- Ogeessa Electro Mekaanikii (Nama tokko 10+1 fi isaa ol kan xumure)

Gosa Biznasii Suphaa buufata bishaani

- **Ogeessa Elektiroo Makanikii/Elektrisitii (Namoota 3 hanga 5 (10+1) fi isaa ol kan xumuran)**
- **Hojjataa Ijaarsaa (Artisans)** nama lama yoo xinnaate leenjii guyyoota 45 (osoo walirraa hin citin) dhaabbata dhimmi ilaalaturraa kan mirkanaa'e.

Gosa Biznasii Dhiyeessii Meeshaalee jijjiirraa waldaa faayyadamtoota Biishaaniitiif 16

- Nama muxannoo Hojii herregaa (Accounting) qabu
- Ogeessa gurgurtaa (barreessuu fi dubbiissuu kan danda'uu fi waa'ee meeshaalee jijjiirraa kan beeku)

Qodinsi gahee hojii miseensoota ogeessa gurgurtaa, hojjetaa mana kuusaa (storekeeper) (barbaachisaa yoo tahe) kkf dabalatekan miseensoota garee tokko tokkoon murtaa'u tahee dambii ittin bulmaataa keessatti ibsamuu fi miseensootan ragaasifamu qaba.

Waajirroleen Aanaa kan akka Misooma IMX, Ejansii Leenjii Teknikaa fi Vokeshinaalii, waajjirolee Bishaan, albuudaa fi inarjii, eegumsa fayyaa, dhimmadubartootaa fi daa'immani akkasumas dhimmi hojjataa fi hawaasummaa waliin qindomuun hojii beeksiisu fi addaa baafannaa IMX wwan WASH keessatti hojjatan irratti ni hojjatu.

4.1.4 ULAAGAA FILANNOO INTARPRIINAROOTAA HUNDEEFAMA INTARPRIZOOTA DUBARTOOTAAN HOGGANAMANII

- Dubartoonni gita hojii hoggansa (dura ta'aa fi Faayinaansiin dirqama) argachu qabuu akkasumas IMX haaraa hundeeffaman keessattii Misoonsoonni yoo xiqqaate %40 dubartootaa tahuu qaban
- IMX haaraa hundeefaman miseensota 5-7 qabaachuu qaba yoo aanaan isaanii lakkoofsa miseensoota dabaluu baatee malee
- Midhamaan qaamaa hanga hojjachuu danda'eetti miseensummaan hammatamu qaba
- Hojiilee gabaa saaniteeshinii fi ykn biznasii suphina hojii bishaanii galii ittin argachuu qofaaf osoo hin taane fayyummaa maamiltootaa/faayyadamtootaafis gumaachagochuuf kaka'umsaa fi haaqummaan hojjechuun itti fufiinsa tajaajila WASH dhugoomsuuf gahee eegamu gumaachuu
- Hojii gareetiif ilaalcha gaarii qabaachuu (miseensota interprizii wajiin hojjechuun) fi garaagarummaa jajjabeessuu (korniyaa/saala, midhaamtootaa qaamaa dabaluu, umrii fi amantaa)
- Fedhii miira garee ijaaruu fi seeraa fi qajeelfama kabajuun hojjachuu
- Dandeettii fi fedhii biznasii hojjechuu baruu kanneen dandeetti biznasii addaa bahe foyyeessuu, tekinolojii dabarsuu, falaasama kaayizanii fi intarprinershiippii irratti leenjii damaqinaan hordoofuu fi sirnaan hojjirra oolchuu
- Nama ganda san keessa jiraataa yoo xiqqaate waggaa lamaaf jiraate
- Qabeenyi garee akka hin mancaane (qisaasama irraa) kan ittisu (eegu)

4.2 GULANTAA HOJJIIRRA OOLMAA

4.2.1 IMX GURMEESSUU/CIMSUU

Haala qabatama aanichaarratti hundaa'uun, aanaa yaaliif filatame tokko keessatti intarprizoonnii lama hin caallee ni gurmaa'u. Interpirizoonni lama qofa aanaa tokko keessatti kan gurmaa'aan waan taheef, COWASH intarpriziin meeshaalee jijjiiraa irratti gurmaa'u deeggarsa hin kennuu. Kanaafuu, xiyyeeffanaan isaa tokko "gabaa saaniteeshinii" fi kan biraa biznasii "suphaa hojii buufata bishaani" ta'a. kanumaan walqabatee, COWASH kan filatuu fi jajjabessu (advocate) biznasoota lameen wajiin ijaaruu hojii dhiyeessii bishaaniitti.

Mariiwwan qoodha fudhattoota Naannoolee fi workshoppiin xumuraa akka waligalameeti, IMX COWASH hundeessuu akkaataa karoorfameen filannoowwan itti aanaan Naannoo tokko tokkoon dhiyaateera.

Gabatee 6: Propozaalii goosota interprizoota COWASH naannoo keessatti gurmaa'uuf dhiyaate

Maqaa naannoo	Ibsoota
Amaaraa	**Aanaalee afur**- aanaa tokkoof interpiraayizoota tokko ykn lama tahe kan:

	Gabaa saaniteshinii irratti qofaa; Ykn Gabaa saaniteshinii fi suphaa hojiiwwan bishaanii fi dhiyeessii meeshaalee jijjiirraa (meeshaan jijjiirraa waajjira Bishaanii aanaatiin kan interpiraayiziif yoo dhiyaate) hunda waliin irratti; Ykn Biznasoota gabaa saaniteshinii fi suphaa hojiiwwan bishaanii waliin irratti.
Beniishaangul Gumuz	Aanaalee lama- aanaa tokkoof interpiraayizii tokko tahee kan hojjetu: Ijaarsa, Biznasoota gabaa saaniteshinii fi suphaa hojiiwwan bishaanii irratti; - Sochiiwwan Waldaalee Fayyadamtoota Bishanii SPS aanaa kessatti COWASHn deggaramu **irratti**
Oromiyaa	Aanaalee shan- aanaa tokkoof interpiraayizii tokko tahe kan hojjetu: Gabaa saaniteshinii qofaa irratti; Ykn Biznasoota gabaa saaniteshinii fi suphaa hojiiwwan bishaanii waliin irratti.
NSSUK	Aanaalee shan- aanaa tokkoof interpiraayizii tokko tahe kan hojjetu: Gabaa saaniteshinii qofaa; Ykn Biznasoota gabaa saaniteshinii fi suphaa hojiiwwan bishaanii waliin.
Tigiraay	Aanaalee lama- aanaa tokkoof interpiraayizota lama jechuun Biznasoota gabaa saaniteshinii fi suphaa hojiiwwan bishaanii irratti gareewwan biznasi adda bahan (interpiraayizoonni suphaa hojiiwwan bishaanii irratti hojjetan aanaa takko tokkoon keessatti duraan waan hundeeffaman, COWASH gareewwan biznasoota kanneen aanaalee COWASH lamaan keessatti akka ciman godha) Aanaa tokko- gareewwan biznasii gabaa saaniteshinii lamaan ciman gochuu

4.2.2 HANQINA DANDEETTI INTARPRINEROOTAA XINXALUU

Miseensonnigaree 5 hanga 7 qaban sadarkaa dandeettii teeknikaa fi intarprinershippii walfakkaatu qabu jechuun hin danda'aamu. Garaagarummaan jiru kan maddu muxannoo ogummaa isaanii qofa osoo hin taane miseensi tokko beekumsaa fi dandeetti ogummaasaa hojiitti hikuuf carraa argatuura kan ka'e dha. Kanaafu haanqina/qaawwaa dandeettii teeknikaa fi intarprinershippii ilaalchisee miseensonni qaban IMX aanaa fi waajjirri BLTO aanaa Waajjiraalee Bishaanii fi Eegumsa Fayyaa aanaa waliin gaggeessuu qaban.

Miltoo 5:- Unkaa (format) hanqinni dandeettii intarprineroota ittiin xinxalamu

4.2.3 IJAARSAA DANDEETTI INTARPRINEROOTA

A. Leenjii – Bu'aa Xinxala hanqina dandeetti irratti hundaa'uun, Intarprineroonni biiznasii jalqabuun dura, leenjii dandeettii teknikaa fi biznasii ijaaru fudhachu qabu.,

Leenjii dandeetti teknikaa Guddisu:- yeroo ammaa, ministeerri Eegumsa Fayyaa Baankii Adduynaa waliin tahuun wirtuulee naannoo tokko tokkon BLTO filatamanii intarpiraayizoota gabaa sanitation irratti gurmaa'aniif leenjii akka kennan akka ta'uuf leenjii keeneera. Leenjiin interprizoota gabaa saaniteeshiniirratti hojjatan akka wal-fakkaatu/istaandaardii tokko qabaatu. Interprizoonni COWASH deggaraman wirtuulee BLTO filataman kanneeniin yoo danda'aame leenjii'uu qaban. Leenjiichis guyyoota 15'f omisha ijaarsaa (slab), kaayizanii, teknolojii dabarsuu fi intarprinershippii irratti taha.

suphaahojiiwwan buufata bishaanii ilaalchisee, haala qabatamaa naannoo irratti hundaa'e (tailor made) BLTO'n (yoo barbaachisa ogeessa waajjira bishaanii affeeruun) ykn waajjiraalee Bishaanii godinaa/aanaa (ogeessa waajjira BLTO affeeruun) leenjiin miseensootaaf kennama. Leenjiin gochaa/shaakkaliin kennamu hojii suphinaa bolla bishaanii harkaan gotame(----) burqaawwan bishaanii bolla gadifagoo hin taane, sarara ujuummoo baadiyyaa (bollawwan gadifagoo fi Burqaawwan) paampii jalisii fi kkf.

Leenjiiwwan BLTO'n kennaman hirmaattootaaf ragaa ogummaa irratti hirmaatan ibsu kennu qaba.

Leenjii ogummaa intrprinershippii:-dhaabbileen dhimmi ilaalu jechuun BLTO ykn IMX dandeetti biznasii, kaayizanii, odefannoo fi gaggeessummaa irratti intarprinerootaani leenjisa, leenjiin interprinershippii dhimmoota gurgurtaa, qabiinsa herregaa fi hoggansa maallaqaa akka of keessatti hammatuu beekamaadha.

COWASH intarprineroonni waa'ee (Business Model Canvas) akka hubannoo argatan leenjisuuf yaada qaba. Business Model Canvas jechuun ijaarsa gulantaa sagal qabuu fi lojiikii akkamitti intarpriziin hojiisaa gaggeessuu fi buzinasii itti fufsiisu agarsiisa.Modeliin kun biznasiiwwan gosa hundaaf (guddaa ykn xiqqaatahaaniif) kan hojjetu ta'ee qophii biznas pilaaniin dura adeemsaa yaadaa qindeessuuf gargaara. Ibsii dabalataa Business Model Canvas fi formaatiin isaa hojiirra oolu (interprizootaan) miltoo qajeelfama kanaan walqabateera.

Miltoo 6:- Ibsa Business Model Canvas (BMC) fi Formaatiwwan

Miltoo 6: Ibsa 'Business Model Canvas'(BMC) fi formaatiiwwan

Akka qaama leenjii Interpirinershippiitti, Interpirineroonnii kisaaraa(kufaatii) biznasii isaanii irratti qaqqabuu danda'u (Kana jechuun hojiin raawwatamu tokko hagam biznasiirratti dhibbaa akka fiduu danda'u tilmaamuun)beekuu qabu. Kanaafis karoora kisaaraa (kufaatii) biznasii irratti gahuu danda'u qopheessuu hambisuu ykn xiqqeessuuf gargaara. Hojiin kufaatii biznasii to'achuuf gaggeeffamu sadarkaalee BMC salgan rakkoo gara fuladuraa tilmaamuu(conduct risk assessement), tilmaama dhiibbaa qaqqabuu danda'uu fi tartiiba walduraa dubaa (risk qualification and prioritization) fi tarkaanfii deebii kennamu adda baasuud (plan mitigation measure) barbaachiisa. Bal'inaan yoo ilaallu, sodaanrakkoowwan uumamuu danda'aan sadarkaalee BMC salgan gosa sadiitti qoduun yommuu danda'amu,isaaniis rakkoolee tarsiimoo'aa, rakkoolee faayinaansii, rakkoolee gabaa uumamuu danda'aniidha. Rakkinaaleen uumamuu danda'an gosa tokko tokkoon keessatti furmaata ittiin hikaman wajjiin akka fakkeenyaatti intarpiiraayizii miiltoo qajeelfama kanaan walqabateera.

Miltoo 7: Saamuda Karoora Xinxala Rakkoo Qunnamu Danda'uu Fi To'annoosaa

Qophii Karoora Biiznasii- leenjiin dandeettii cimsuu fi Interpirinarshippii kennamu xumuruun dura leenjiffamtonni Karoora Biiznasii (business plan) isaanii odeeffannoo baruumsa BMC irratti argatanii fi Xinxala Rakkoo Qunnamu Danda'uu irratti hundaa'uun qopheessuu qabu. Karoora Biiznasii tarreeffama dhimmoota/mata duree gosa lama (tokko kan Baankii Addunyaa fi kan Ejeensii Barnootaa fi Leenjii Teekinikaa fi Ogummaa Naannoo Amaaraa irraa argaman) miltoo qajeelfama kanaan walqabataniiru. Karoora Biiznasii qopheessuuf Interpiraayiziin tokko unkaawwan lamaan keessaa tokkootti fayyadamuu qaba.

Miltoo 8: Mata dureewwan Karoora Biiznasii

B.Argama Iddoo omishaa fi gurgurtaa (dheedii)-Iddoo omishaa fi gurgurtaa Interpiraayizoota Maayikroo fi Xixiqqaa mijeessuun **gaheen hojii** Waajjiira IMX tahuun issaa ni beekama. Kanaafuu, aanaaleen yaaliif filataman keessatti gareewwan biznasii gabaa saaniteeshinii fi suphiina hojiiwwan bishaanii irratti hojjechuuf haaraa gurmaa'aan waajjirichi **iddoo omishaa fi gurgurtaa (dheedii) hojiif mijaa'u dhiyeessuuf yaadu qaba.**

Aanaalee yaaliif filataman keessatti sheediin hojiif mijaahaa tahee Aanaan dhiyeessuu ykn kennuu yoo danda'u baate, baasii ijaarsa sheedii gareewwan gabaa saaniteeshinii ykn/fi suphiina hojiiwwan bishaaniif oolu COWASH 'n kan dhiyaatu ta'a. Hojii kana mijeessuuf COWASH dizaayinii sheedii fi faayinaansii barbaachiisu wajjin qopheesseera. Waajjiirri IMX, Waajjiira Eegumsa Fayyaa Aanichaa waliin tahuun bittaa meeshaalee ijaarsaa gaggeessuun kontraata ijaarsaa ogeessoota/injineeroota sheedii ijaaran wajjiin waliigaltee seena. Abbaan qabeenyuummaa sheedii haala kanaan ijaarameekanwaajjiiraalee Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa, BLTO ta'aa. Miltoo qajeelfama kanaa keessatti dizaayiniin sheedii fi faayinaansii barbaachiisu ijaarsa sheedii gareewwan gabaa saaniteeshinii ykn/fi suphiina hojiiwwan bishaaniitiif oolu Walqabateera.

Miltoo 9: Dizaayiniin Sheedii Baay'ina meeshaale barbaachisu (Bill of quantity)Waliin

Waliigalteen barreeffamaa miseensoota garee biznasii fi waajjiraalee IMX, BLTO fi Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa gidduutti taasifamu barbaachiisa. Waliigaltichii waggoota meeqaaf sheediitti fayyadamuu fi waajjiraa IMXtiif deebii'uu akka qabu tarsiimoo fi Immaamata misooma IMX keessatti ibsameera. (Bitootessa 2004, fi Eebla 2008) Yoo danda'ame, iddoon omishaa bakka gabaatti dhihoo ta'eeWaajjiiraaleen IMX, Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa, BLTO, Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa magaalaa guddittii aanichaa keessatti gareewwan biznasii gabaa saaniteeshiiniif sheedii qopheessuu danda'u.

Miltoo 10: Saamuda Waliigalteen barreeffamaa Waajjiraalee IMX/BLTO fi Interpiraayiziiwwan gidduutti taasifamu

Naannoo Benishaangul ilalchisee, ijaarsa kuusaa meeshaalee(store) waldaa fayyadamtoota bishaaniif dhiyeessii meeshaalee jijjiirraaf oolu COWASH ni gargaara. Muxannoo qabaniirratti hundaa'uun, dizaayiniin kuusaa meeshaalee Biiroo Bishaanii Naaniichaatiin kan murtaa'u taha; ykn leecaaloon kan argamu yoo tahe dizaayinii irra deebiin COWASH qopheessuun hojiirra oolu ni danda'a.

Miltoo 11: Dizaayinii Kuusaa Meeshaalee(Store) Baay'ina meeshaale barbaachisu (Bill of quantity) Wajjin

Interpiraayizoota suphaa hojiiwwan buufata bishaani irratti hojjatan ilaalchiise, Waajjiiraalee IMX, Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa, BLTO, ykn Waajjiirri Bishaanii Aanaa yeroo murta'eef akka waajjiraattii akka itti fayyadaman gochuu danda'a.

Gabatee 7: Baay'ina sheediiwwan anoolee yaaliif filatamane keessaatti ijaaraman

Naannoo	**Aanaalee Yaaliif Filataman**	**Sheedii gabaa saaniteeshii qofaaf ykn garee suphaa hojiiwwan biishaanii waliin waliitti makamee**	**Mana kuusaa dhiyeessii meeshaalee jijjiirraa**
Amaaraa	Guagusa Shikudad[5]	1	
	Ankeshaa	1	

Naannoo	Aanaalee Yaaliif Filataman	Sheedii gabaa saaniteeshii qofaaf ykn garee suphaa hojiiwwan biishaanii waliin waliitti makamee	Mana kuusaa dhiyeessii meeshaalee jijjiirraa
	BasonaWerana	2	
	Antsokiyaa Gemzaa	1	
Beniishangul Gumuz	Baambasii	1	1
	Odaa	1	1
Oromiyaa	Qarsaa	1	
	Gumaay	1	
	NonnooBeenjaa	1	
	Abichuu Nyaa'aa	1	
	Jiddaa	1	
Sabaa fi sablammoota Ummatoota Kibbaa	Arbaa Minch Zuriyaa	1	
	Duna	1	
	Arbegona	1	
	Esara	1	
	Tocha	1	
Tigraay	Medebay Zana	1	
	TahtayMaichew	1	
	Endamehoni	1	
	Total	20 + 1[16]	

C. Kaapitaala ka'uumsaa/biznasiif faayinaansii barbaachisu qindeessuu

Rakkoowwan gurguddoo biznasii haaraa eegaluuf qunnaman keessaa inni duraa kaapitaala ka'uumsaa argachuu dhabuudha. Kanumaan walqabatee, maallaqni COWASH irraa callaadhaaan kanaaf dhiiyaatu hin jiru. Haa ta'uu malee, intarprineeroonnii oomisha jalqabuuf qabeenya(resource) kan hin qabne yoo ta'aan, Waajjiiraalee Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa fi BLTO bittaa meeshaalee dheedii (leecaloo) konkriitii slab, jerii kaanii bishaanii qaawwaa bishaan ittin dhangala'uu qabuu fi haarkaa fi qaama dhiqannaaf tajaajilu (tarreeffama COWASH n qopheesse irratti hundaa'uun) fi omishoota gara Interpiraayiziitti karaa seera qabeesa taheen dabarsu.(Waajjiiraalee IMX, Carraa Hojii Uumuu fi BLTO sanadoota meeshaalee bitamanii, gatiisaanii fi mallattoo durataa'aa Interpiraayizii meeshaalee fudhachuusaatiif qabaachuu qaba.

Erga meeshaalee bitaman fudhatanii booda, Interpiritaroonnii qarshii deebii ta'u akkaawuntii qusannaa cuufaa maqaa Interpiraayiziitiin baname keessatti galchuun qarshii kana akka qusannaa liqii Dhaabbata Maayikroo Faayinaansii irraa fudhachuu itti gargaaramu ta'a. Baajata hojii kanaaf oolu COWASH ni ramada. Kana cinaatti,

Waajjiiraaleen IMX, Carraa Hojii Uumuu fi BLTO Interpiritarootannii akka tajaajila liqii argatan Dhaabbilee liqii fi qusannoowaliin wal qunnamsiisu.

Dabalataanis, Waajjiiraaleen Carraa Hojii Uumuu fi BLTO Interpiraayizoota gabaa saniteshiinii irratti qofaa hojjetan ykn suphina dhiyeessi bishaanii irratti hojjetu ykn hojiiwwan lamaanuuirratti hojjetan fedhii Interpiraayizoota bittaa meeshaalee (tarreeffama COWASH n qopheesse irratti hundaa'uun)ni gaggeessu. Meeshaalee bitaman keessaa muraasni kan caban ykn kan dhumu danda'an tahuu isaanii tilmaamuun, meeshaalee kunneen kaffaltii malee qabeenya Interpiraayizichaa tahanii kan hafan ta'u. Gareewwan biznasii suphaa hojii bishaanii fi kanneen suphinaa fi gabaa saaniteeshinii hojjetan qarshii deebii godhu.

Gareewwan biznasii suphaa hojiwwan bishaanii fi kanneen suphaa hojiwwan bishaanii waliin gabaa saaniteshinii hojjetan meeshaalee muraasaaf (kan akka tiraapoyidii (Tripoid), daldaltuu ujuummoo (Pipe trader) and murtuu ujuummoo (Pipe cutter)) qarshii bahii tahe bakka buusuun akka kaffalan godhama (garee biznasii gabaa saaniteshinii dabalatee) Interpiritaroonnii qarshii deebii ta'u akkaawuntii qusannaa cuufaa maqaa Interpiraayiziin baname keessatti galchu. Waajjiiraaleen Carraa Hojii Uumuu fi BLTO Interpiritarootannii akka tajaajila liqii argatan waldaa liqii fi qusannaa waliin wal qunnamsiisu.

Interpiriitaroonnii uffataa fi meeshaaleen hojii kan akka guwaantii (gloves), uffata tuttaa, helmeetii(helmet) fi kanneen biro barbachisan baasii ofiisaaniitiin bitatu.

Miltoo 12. Tareefama meeshaale galtee hojii fi meeshaale dheedhi sochilee Gabaa Saniteeshinii fi Suphaa buufata bishaanii (SBB)

4.2.4 OMIISHA

Haaladureewwan barbaachiisan erga gutamanii (leenjiirratti hirmaachuu, karoora biznasii qopheessu, iddoo sheedii fudhachuu fi meeshaalee hojii ittin jalqaban argachu) booda Interpiriitaroonnii hordooffii fi deggarsa cimaa Waajjiiraaleen IMX, Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa, BLTO, Eegumsa Fayyaa, Bishaanii tiin hojii ni eegalu. Meeshaaleen fi tajaajiloonni garee biiznasii gabaa saniiteshiniin kennaman kanneen armaan gadiiti.

Omishoota biznasii gabaa saaniteshiinii

- Konkritii ijaarsaa (concrete slabs) – hanga gara garaa qaban
- Qabduu bishaanii qaawwaa ittin dhangala'u qabu dhiqannaa haarkaa fi qaamaaf tajaajilu – hangaa fi dizaayinii gara garaa qaban

Hojiiwwan Deggarsaa Dabalataa Gabaa Saaniteshiinii

- Geejjiba konkritii ijaarsaa (concrete slabs) (filannoo qaama alaa kan birootiif kennuunis akka filannoo tokkootti fudhatamu danda'aa)
- Boolla mana fincaanii qootuu
- Meeshaale qulqullinaa meeshaa bolla mana fincaani
- Konkritii ijaarsaan hojii ijaarsaa hojjechuu
- Hojii mana fincaanii jiru suphuu
- Mana fincaanii duwwaa gochuun tajaajilaaf mijeessuu
- Ijaarsa mana dhiqannaa (shower) fi baayogaaziif (biogas) tajaajila humnaa qopheessuu
- Keemikaaloota bishaan dhugaattii qulqulleessan

- Gurgurtaa meeshaalee saanitarii (saamunaa fi ditarjentii (detergents), pad,waraqaa sooftii, fi kkf)

Biznasii gabaa saaniteeshiinii itti fuufinsaan hojjechuuf, Interpiriitaroonnii yeroo hojiisaanii gaggeessan funca dhiyeessii saaniteeshinii(sanitation supply chain)yada keessa galchu qabu. Waa'een funca dhiyeessii saaniteeshinii miiltoo qajeelfama kana waliin walqabateera.

Miiltoo 13: Funca Dhiyeessii Saaniteeshinii (Sanitation Supply Chain)

Hojiiwwan suphaa bolla harkaa (U seal/ O-ring, bobbin, cylinder, PVC, Plunger, pump itself) burqaawwan, bollawwan bishaanii gadii fagoo hin taane, bishaan ujuummoo baadiyaa (maddawwan burqaa fi bolla gadii fagoo irraa) , hidha jalliisiiwanii, dewatering pumps, ujuummoo ittin dhangalauu/faucets, bantuuf cuftuu/gate valves, ujuummoowwan/ pipes, fi wal qabsiistuwwan (fittings)gareewwan biznasii hojiiwwaan bishaaniin hojjataman keessatti kan hammatamu dha. Tajaajiloonni qabatamaan kennamanis kanneen armaan gadiiti :

- **Suphina ittisaa (preventive maintenance)gaggeessuu**

Suphaan ittisaa hojiilee yeroo yeroodhaan karoorfaman fi raawwataman yommuu ta'u, kaayyoon isaas, hojiiwwan buufanni bishaanichaa haala gaariidhaan tajaajila kennu dandeesisan kan akka Sakata'iinsa Netiworkii bishaani, sarara boolla dhangalaasu, qaama adda addaa qulqulleessuu fi dibata (grease) meeshaalee makaanikaalaa fi meeshaalee yeroo yerootti jijjiruun barbaachisan jijjiruun itti fufiinsa tajaajilaa mirkaneessu dha.Kana malees, akkaataa sakata'insota idlee irratti ibsameen suphina salphaa fi jijjiirraa qaboo paampii fi bulooniiwwan (pump handle bolts and nuts) darbee darbee hojjechuun barbaachisaadha. Haal**a** idilaa'een sirritti yoo hojjetame, suphina of-eggannoo yeroo yeroon gaggeessuun baasii guddaa suphinaaaf baasuu malu hambisu danda'a. Fakkeenyaaf suphinni of-eggannoo paamppii haarkaa sirreessuuf taasifamu qaamota meeshaa afur (U-seal, O-ring, bobbin and bush bearing) yeroo tajaajila warshaa paamppii kana oomishe kaa'een darbuun duraa godhamu tajaajila kennuu dhaabuu ykn sadarkaa gadii aanaan tajaajiluun dura tahuu qaba. Gaheen hojii suphina of-eggannoo gaggeessuu kan haawasaa tajaajilamaa tahee ogeessota kanaaf leenji'aniin sagantaa tajaajila bishaaniitiin kan hoojjatamu ta'uun isaa beekamaadha. Haa ta'uu malee, ogeessonni suphina paamppii hojechuu yoo hin dandeenye, hojii kana Waajjiirri Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalaa kaffaltiidhaan tajaajilamtootaan gaggeessuu danda'a.

Suphina Sirreessuu (Curative Maintenance) Gaggeessuu Suphina sirreessuu gaggeeffamu barreeffamoota qorannoo gara garaa keessatti hojii suphina hin karoorfamne, suphina sirreessuu ykn suphina tasaa jedhamuun beekama. Hojiin sirreessuu kun yeroo meeshaa, qaamni/kutaan meeshaa adda addaa cabe ykn hoojjachu diide hojii gaggeeffamuudha. Hojiiwwan akkasi kan hin eegamnee fi hin karoorfamneedha. Yeroo baay'ee rakkinni kun kan qunnamu hojiin suphina of-eggannoo dursee yoo gaggeeffamu baatee, balaawwan fi humna uumamaan booda, fi meshaa yeroo tajaajilaa isaa fixee jijjiirama malee akka tajaajilu yoo godhameedha.

Suphina sirreessuu gaggeeffamu ogeessota paampii kununsuu/hordofuuf leenji'aniin osoo hin taane IMX dhaan taha.

Suphina paampii harkaa ilaalchisee paampicha boola kessaa baasanii suphuun barbaachisa dha.

4.2.5 TARSIMOO GABAA

WASH akka dhaabbata biznasii garee Interpirineerootaan gaggeessuun biyyatti keessatti beekamaa dhufeetti milkaa'ina kaayyoo isaatiif qaamoolee gara garaa dhimmi ilaalatu waliin walitti dhufeenya tarsimoo'aa qabaachuu qaba. Kanaafiis carraalee adda addaatti fayyadamuu danda'aa:

- Gareewwan biznasii gabaa saaniteeshinii fi haawaasa tajaajilamu walitti hidhuuf, mooraa dhaabbilee Fayyaa(Keellaawwan Fayyaa, BuufataaleeFayyaa fi hospitaaloota) keessatti hojiiwwan hubannoo uumuu fi beeksiisu ogeessota fayyaa fi Interpirineroota wajjin karaa qindaa'aa ta'een hojjetamuu qaba. Dhukkubsatoonni gara dhaabbiilee fayyaatti yaaliif deddebi'an bakka darabee isaanii eegataniitti odeeffannoo eegumsa fayyaatiin walqabate tamsaasuun hojii baratameedha. Carraa kanatti fayyadamuun haawasa waa'ee qulqullina dhuunfaafi qulqullina naannoo dadamaqsuun omishoota Interpirineroota barsiisuunni danda'aama.
- Itti gaafatamummaan omishoota fedhiin saniiteshiinii fi haayijiinii foyyeessuuf uumamu keessatti hojiiwwan gabaa saniiteshiinii fi guddina biznasii hojjechuu hojii seektara fayyaa qofa goodhame fuudhatamu hin qabu. Qooda fudhattoota WASH hundaan jechuun Bulchiinsa aanaa, sektara barnootaa,(barsiisoota, koree maatii, fi barattoota) akkasumas Waajjira Dhimma Dargaggoo fi Ispoortii Bulchiinsa Maagalaa dabalatee hojjatamuu qaba.
- Dhaabbilee Eegumsa Fayyaa fi iddoon gabaatti akka bakka gurgurtaatti dhaabbiin gaggeeffamu dabalatee carraa qophii baazaariiwwan, egzibishinoota, taateewwan(ayyaanoota) adda addaa kan akka Torbee Haarka Dhiqannaa Biyyooleessaaa, Guyyaa Qulqullina Addunyaa, Guyyaa Bishaanii Addunyaa, Guyyaa Dubartoota Addunyaa fi kkf irratti fayyadamuun barbaachisaadha.

- Hojjetoota ekstenshinii fayyaa, raayyaa misooma fayyaa fi Bulchiinsa Gandaa qulqullina dhuunfa fi qulqullina naannoo irratti hojiiwwan hubannoo hawaasaa guddisuu fi ijaarsa mana qulqullina isaanii foyyeessuuf fedhii konkiritiitti akka fayyadaman barsiisuu. Muxannoon bakka tokko tokkoo akka agarsiisuutti, Buulchiinsi Gandaa kaka'umsa ofiitiin warra mana qulqullina isaanii foyyeessuuf fedhii qaban irraa qarshii waliitti qabuun intarpritaroonnii akka konkiritii omiishanii dhiyeessan ajaja hojii keennaa jiru. Kaabineen aanaa Bulchiinsa Gandaa mana qulqullina jiraattota isaanii foyyeessuuf hojjetaniif beekamtii fi badhaasa kennuu qabu.

- Fakkii fi suuraalee omishoota Interpiraayizii adda addaa sheedii alatti bakka mul'atuutti maxxansuun/fannisuun beeksisuu (haala of ibsuun/omisha jiru)

- Waraqaa tamsa'u(rliifleetii) afaan naannootiin qopheessuun dhaabbilee gara garaatiif tamsaasuu(mana baruumsaa, dhaabbiilee Fayyaa, mana amantaa) hojii Interpiraazootaa haawasa beeksisuu

- Iddo gidduugala tokkootti koonkritii ijaarsaa omishuun maammilli gara gidduugala dhufee bituu dabalatee, intarpritaroonnii meeshaa ijaarsaa wajjin sochii godhuun iddoo/toora maamitoonni baay'inaan jiraniitti dhiyaatanii koonkritii ijaarsaa omishuun gandatti dhiyeessuun filatamaadha. Kanaanis tooftaa/mala 'modeela maatii' irratti gara mala 'moodeela gandaatti' jijjiiruun hojii beeksisaa(promoshinii) gargaara.

- Ogeessota suphina hojjiiwwan biishaanii ilaalchisee, Waajjirri Bishaanii Aanaa Bulchiinsa Gandaa waliin tahuun ogeessota WASHCOs waliin walitti fidu qaba. Mixannoo naannoo tigiraay irratti hundaa'uun,

intarpritaroonnii iddoowwan bishaanii odeeffannoo guutuu wajjiin (gosa hojii bishaanii, bakka isaa, baay'ina fayyadamtootaa, guyyaa ijaarsaa, etc.) qabaachuu qabu. WASHCOn gama isaatiin lakkofsa bilbilaa intarpritaroonnii iddoo bishaanii tokkoo tokkoo qabaachuun gaaffiinyoo jiraate waamuu qaba. Intarpritaroonnii odeeffannoo waytawaa meeshaaleen jijjiirraa itti argamu (qulqullina gaaffii keessa osoo hin galchin gatii madaalawaa) yeroo barbaadan itti argatan qabaachuu qabu. Gatiin meeshaaleen jijjiirraa yeroo yeroon dabalaa waan deemuuf, Intarpritaroonnii gatii jiru beekuun WASHCO wajjiin marii gochuu qabu. Akkaataa maanuwaalii MoWIE[17] tiin gatiin hojii humnaa suphinaa kan Waajjira Bishaanii Aanaatiin murtaa'uu taha.

Waajirri bishaani fi tajaajiloonni bishaani koree WASHCO fi Ogeessa paapmii kununsu suphaa ittisaa akka hojjatan jajjabeessu qabu haata'u malee suphaan godhamu humna isaaniti ol yoo ta'ee intaripinuraroota afferuun suphaa ittisaa kana akka hojjatan gochuun nu danda'aama. Kanuumaan walqabatee, koreen WASHCO fayyadamtootaa irraa qarshii taarifaa tajaajilaa walitti qabuun baasii hojii suphiinaa fi bittaa meeshaalee jijjiirraa barbaachisu yeroon gaggeessuu qaba. Qooda fudhannaan ogeessota Waajjira Bishaanii hojii suphiinaa keessatti qaban murta'aa kan ta'uu qabu yommuu ta'uu, intarprizoonnii hojiin suphiinaa qaama alaatiin hojjechisuu danda'an godhamu qaba. Kana tahuu baannan WASHCOn ogeessota Waajjira Bishaaniitti waan gargaaramuu barbaaduu fi hojjeettoonni mootummaa idilee immoo kaffaltii dabalataa WASHCOn irra fudhachuu seeraan ala waan taheef,qisaasina hambisuuf bulchiinsi gandaa WASHCO fi intarprinetaroota qunnamu qaba.

- Maamiltoota haarkiisuuf, Interpirineroonni gatiiwwan omishootaa fi tajaajilootaa keennaniif murteessuuf tooftaalee gara garaatti fayyadamu qabu.

- Duubdeebiin maamiltoota irraa argamu faayidaa guddaa qaba. Konkiritii ijaarsa mana qulqullinaa ilaalchisee, abbaam warraa tokkoo carraan Konkiritii ijaarsaa bituuf qabu tokko hin caaluu. Haa tahu malee, namoonnii mana qulqullinaa fooyyee qabu sana daawatan ofii isaaniitiif bituuf fedhiin qaban ni dabala.

Moodeelli biiznasii IMX COWASH dubartootan hogganaman ittiin ijaaraman agarsiisu Miltoo 14 keessatti mul'atee jira.

Miitoo 14: Modeela Bizinasii IMX COWASH dubartootaan hogganamu

4.2.6 HEEYYAMA HOJII IMX

Imaammata Mootummaa Itoophiyaaratti hundaa'uun, daldala seeraan ala tahe hambisuuf jecha, interpiraayizootni galmaa'uu fi heeyyama fudhachuuf ni dirqaman.

Kanaafuu, Interpiraayizoota deeggarsa COWASHn gurmaa'aanis seera hojii kanaaf tumameerratti hunda'uun akka galmaa'aan adeemsa fi ulaagaa akka guutan deeggarsi barbaachisu Waajjiiraalee IMX, Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa, fi BLTO irraa ni kennama.

4.3 GULANTAA HORDOFFII, OODIITII FI GABAASAA

Hordooffii fi oodiitii – Waajjirri Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa aanaa sektaroota dhimmi ilaaluu wajjin tahuun hordoffii fi suparvizyinii dhiyoo IMX haaraa gurmaa'aniif gochuun akka rakkina isaanii yeroon hiikan ni godhu. Raawwii IMX aanaa hojiimaata jiruutti fayyadamuun hordoffii taasisuun Interpiraayizii tokko tokkoon gabaasa raawwii hojii kurmaanaan qaama dhimmi ilaaluuf ykn waajjiiraalee IMX, BLTO, Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaaf dhiyeessuu qaba.

Hojiin yeroon oodiitii gochuu waajjiiraalee IMX, BLTO, Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa kan raawwatamu taha. Argannoo (gabaasa) oodiitii irratti hundaa'uun karoora biznasii foyyeessuun kan IMXn hojjetamu taha.

GABAASA- sadarkaa raawwii hojii Interpiraaayizootaa kuramaana kurmaanaan garee deeggarsa naannootiif gabaasuun gahee hojii Waajjiiraalee IMX, BLTO, Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataati

Gabaasa raawwii kurmaanaa dabalatee, gabaasni waggaa COWASHf dhiyaatu qabu agarsiistuwwan gurguddoo itti aanan irratti hundaa'uu qaba:

1. **Baay'ina Bu'a qabeessuummaa (Profitable) gurmaa'insa IMX COWASH marsaa III aanaalee yaaliif filatamanii keessatti dubartootan hogganaman**

   Hiika: Baay'ina IMX COWASH marsaa III gurmaa'an ykn akka ciman tahan fi akkaataa gabaasa oodiitii waggaatiin bu'aa qabeessumman isaanii mirkanaa'e.

   Yaadannoo:IMX dubartootan hogganamanjechuun IMX dubartoonnii angoo gaggeessuummaa irra jiranii fi heeyyamni hojii maqaa ishiitiin galmaa'ee kan jiru jechuudha.

2. **Baay'ina dhiyeessii tajaajilaa bishaanii ykn meeshaa/shaqaxa fi tajaajila saaniitarii IMX COWASH marsaa III dubartootan hogganamangurmaa'an ykn akka ciman tahan**

   Yaadannoo 1: Dhiheessitoota tajaajilaa kaayyoo COWASH irratti hunda'aan IMX COWASH marsaa III dubartootan hogganaman, waldaalee fi waldaalee hojii gamtaa dabalata. Ogeessoota haarkaa ijaarsaa dubartootaa heyyama qaban ykn ogeessoonni haarkaa ijaarsaa ykn suphaa tajaajiloota bishaanii dubartootaan hogganaman

   Yaadannoo 2: Meeshaaleen (Goods) include konkiritii ijaarsa afataa (lafa manaa) oolu (slabs), meeshaalee dhiqannaa harkaa, meeshaalee jijjiirraa, kkf.

   Yaadannoo 3: tajaajiloonnii suphaa fi ijaarsa dhiyeessii biishaanii, gurgurtaa dhiyeessii biishaanii fi meshaalee saaniteshinii fi ijaarsaa (siimintoo, sibiiloota kkf)

3. **Baay'ina dhiyeessii tajaajilaa bishaanii ykn meeshaa/shaqaxa fi tajaajila saaniitarii dubartootan hogganaman**

   Yaadannoo 1: qaamoota tajaajila dhiyeessan, meeshaa/shaqaxa fi dhiyeessan armaan olitti ibsaman ilaalli

Yaadannoo 2: hojjettoonnii Istaafii tajaajilatoota keenna ni fi kanneen mindaan kaffalamuuf dabalata

4. **Baay'ina dhiyeessii konkiritii ijaarsa afataa fi meeshaa haarka dhiqannaa IMX COWASH marsaa III dubartootan hogganamaniinomishame**

Yaadannoo:konkiritii ijaarsa afataa mana qulqullinaa jechuun konkiritii gosaa fi hanga kamiiyyu qabuu fi gurmaa'insa tajaajila dhiyeessii dubartootaan hogganamaniinomishame jechuudha. Konkiritii tokko kutaalee lamaa kan qabu yoo tahee, akka Konkiritii tokkootti lakkaa'ama. Meeshaan haarka dhiqannaa hanga kamiiyyu qabuu fi meeshaa/qooda(container) pilastikiirra gabaaf asxaa kaampaanii omiishe qabu dha.

5. **Baay'ina konkiritii ijaarsa afataa mana qulqullinaa IMX COWASH marsaa III aanaalee yaaliif filatamanii keessatti dubartootan hogganaman**

Ragaa Adda baahe:konkiritii ijaarsaa fi Meeshaa haarka dhiqannaan

Yaadannoo:konkiritii ijaarsa afataa mana qulqullinaa jechuun konkiritiirra ykn pilaastiikiirraa kan hojjetame/omishame fi dhiyeessitoota tajaajilaan gurguramee dha.

Meeshaan haarka dhiqannaa hanga kamiiyyu qabuu fi meeshhaa/qooda (container) pilastikiirra gabaaf asxaa kaampaanii omiishe qabu dha.

6. **Baay'ina Namoota Dhiyeessii Tajaaajila Gabaa Saaniteshinii, Opireshinii fi Suphaa fi Omisha WASH Aanaalee Yaaliif Filataman Keessatti leenji'anii**

Raga Adda baahe: koorniyaa fi midhamtoo

Yaadannoo:midhamtoonni qaamaa namoota rakkina guddaa milaan deemuuf, dhagahuuf, arguuf, qunnamuufi waliigaluuf qabanii fi deeggarsa adda barbaadaniidha. Namoonni kanneen meeshaalee deeggarsa kan akka qaama nam toolchee(artefishaalii) ykn kiraanchii, ykn rakkina qaamaa biro kan akka qurcii qaban jechuudha.

5 DOKUMENTESHINII

Kaayyoon hojii IMX COWASH Naannoolee marsaa III aanaalee yaaliif filatamanii keessatti dubartootaan hogganaman gurmaa'anii hojiitti galan barnootaa fi muxannoo irraa argachuu fi sadarkaa hundatti babal'isuuf kan yaadame dha. Kanaafuu, muxannoowwan fi barnoonni irraa argaman, rakkinaaleen qunnaman, raawwii keessatti tooftalee rakkinaaleen iittiin hikaman hundi ragaa fi odeeffannoon jiran qindaa'aanii fi gurmaa'aanii III aanaalee yaaliif filatamanii keessatti qabamuu qaban.

6 YAA'INSA FAAYINAANSII

Hojiimaanni Fandii COWASH IMX gurmeessuuf gaggeessuu qaama moodaalitii Fandii COWASH marsaa III'tti. Waajjiraaleen IMX /Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaafi BLTOn sektaroota baajata Mootummaan Itophiiyaa fi Mootummaan Finilaandii IMX COWASH gurmeessuuf ramadan sirnaan hojiirraa oolchuuf itti gaafatamummaa qabu. Baajatni hojii gaggeessiituu Mootummaan Itophiiyaarra karaa Ministeera Maallaqaa fi Walta'iinsa Dinagdeetiin IMX COWASH gurmeessuuf Waajjiraalee IMX /Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaafi BLTO sadarkaalee naannoo, godinaa fi aanaa jiraniif ramadama. Baajatni Mootummaan Finilaandiirra ramadamu immoo leenjiiwwan dandeettii raawwachisuummaa ijaaruu fi hojiiwwan meeshaalee ijaarsa dandeetti dhiyeessuuf kan ooluu taha. (ibsa isaa ilaaluuf kutaa 4.2.3 ilaali) Dhiyeessiin meeshaalee fi kaappitaallii ka'uumsaa akka filannootti bittaa meeshaalee dheedii IMX humna faayinaansii Interpirineerootaa biznasii eegaluuf danda'aan irratti kan hundaa'udha. Baajatni hojii kanaaf Mootummaa Itophiiyaarra ramadamu Waajjiraalee IMX /Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaafi BLTOn kan hojiirra oolu tahee, Waajjiraaleen kunneen, bittaa meeshaalee hojii (Meeshaalee dheedhiif (raw materials) fi meeshaalee kan akka Tiraayipoyidii (Tripoid), Pipe trader and Pipe cutter)fi meeshaalee dheedii gaggeessuun gareewwan biznasiif haala kaffaltii deebii tahuun dhiyeessuu. Kaffaltii deebii tahu, gatii meeshaalee hojii (gar tookkee) fi farnicharii waajjiraa hin dabalu. Yaa'insa faayinaansii Mootummaan Itophiiyaa fi Mootummaan Finilaandii IMX dubartootan hogganaman miltoo qajeelfama kanaatiin walqabatee jira.

Miltoo 15: Yaa'insa Deggarsa faayinaansii COWASH Interpiraayizoota dubartootan hogganaman